



Pirezidaantiin MNO Obbo Shimallis Abdiisaa Diyaaspooraa Oromootiif waamicha dhiyeessan

Kutaa Qophiitiin

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaan Irreecha bara 2024'f Diyaaspooraa Oromootiif waamicha dhiyeessaniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa guyyaa Dheengaddaa toora miidiyaa hawaasummaasaaniin “Irreecha 2024'f Gara Biyya Abbaa Keessanii Koottaa” jechuun ergaa waamichaa dabarsaniiru.

Guutummaan ergaasaaniis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

“Kabajamtoota Diyaaspooraa Oromoo, jala bultii kabaja ayyaana Irreechaa bara 2024 (ALA) kanatti, obboloota keenya biyya alaa jirtan hundaaf gara biyya keessanitti deebitanii ayyaanicha akka nu waliin dabarsitan affeeraa onneerraa madde isiniif dhiyeessuun barbaada” jedhan.

Irreechi hafuura socho'aa ummata Oromoo waggoota kumaatamaa ofkeessaa qaba.

Hambaan seenaafi duudhaan badhaadhe kun, addunyaa kanarra eessayyuu yoo jiraanne, hidda dhiigaa keenya keessaa kan naanna'uudha jedhan.

Sirni ayyaanichaa, araara jireenyaafi dilbii dila arganneef, galata umaa keenya Waaqaf qabnu,



akkasumas marartoo waliif qabnu ibsachuuf, xurree abbootii keenyaa argachuuf, akkasumas hidhata cimaa dachee nu baattu waliin qabnu haaromfachuuf carraa nuuf kenna jechuun ibsan.

Mirgi kabaja ayyaana Irreechaa ummata keenyaa jaarraa tokkoo oliif sarbamee turuun isaa seenaa kaleessaati.

Sirnoonni walirraa lufan duudhaa kana moggeessuuf itti duulaniiru; hidhata ummanni keenya ittiin qabu kutuuf hojjetaniiru kan jedhan Pirezidaanti Shimallis ta'us abbootiin keenya hinjilbifanne wareegama hin leeyyamfamneefi qabsoo bara dheeraatiin bada olchaniiru jedhan.

Adeemsi kun, jabina, dandamannaafi kutannoo hin reeqqifne ummanni Oromoo hambaa aadaa isaa tiksuufi kunuunsuuf qabuf, ragaa yoomiyyuu hin dhokanne ta'ee dhaabbata.

Tokkoo tokkoon kabaja ayyaana Irreechaa, agarsiiftuu injifannoo cunqursa irratti argameefi bilisummaa cichoomina, kutannoofi gatii qaaliin dhugoometi.

Nubira darbee, sirna hambaafi dhaalmi abbootiifi haadholii keenyaa itti kabajamu.

Waggaa waggaan yommuu Hora Harsadi, Hora Finfinnee, Malka Ateetee fi iddoowwan ulfoo birootti walitti qabamnu, gatii bilisummaa keenyaaf bahe nu yaadachiisa.

Kurnee lama dura yaa'ii lakkoofsa namoota xiqqaan, Hora Harsadiitti irra deebiin kan jalqabe Irreechi, har'a feestivaala **Gara fuula 14tti**

Oromiyaatti sirreeffamtoota seeraa kuma 3fi 600 oliif dhiifamni taasifame

Bushuraa Aliitiin

Mootummaan Naannoo Oromiyaa sirreeffamtoota seeraa gocha yakkaatiin himatamuun murtii adabbii argatanii bulchiinsa manneen amala sirreessaa naannichaa keessatti argaman dhihirotaa kuma 3fi 364fi dubartoota 247 waliigalaan sirreeffamtoota seeraa kuma 3fi 611 ta'aniif bu'ura heeraa bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 57(3)(1) tiin dhiifama taasisuu Biirtoon Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ibseera.

Hoogganaan Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Obbo Guyyoo Waariyoo sirreeffamtoota seeraa dhiifamni taasifameef kanneen yeroo

turmaata mana sirreessaa keessatti gocha yakkaa raawwatanitti gaabbuun amalaafi naamusa gaarii horachuunsanii mana sirreessichaan kan mirkanaa'e ta'uu himuun, dhiifamni taasifame kunis nageenyaafi faayidaa uummataa kabachiisuudhaaf kan barbaachise ta'uu dubbataniiru.

Sirreeffamtoonni seeraa dhiifama argatan kunis kanneen yakkoota bu'uura adabbii hidhaa salphaa ji'a 3 hanga hidhaa cimaa waggaa 25 itti murtaa'e keessaa kan 1/3 fi sanaa ol hidhamaniifi adabbiin hidhaafi maallaqaa itti murtaa'e adabbii maallaqaa itti murtaa'e kaffaluusaanii ragaa qaama dhimmi isaa ilaallatu irra dhiheeffachu danda'an ta'uus dubbataniiru.



Obbo Guyyoo Waariyoo

Kana malees, dargaggoota balleessitoota umriinsaanii waggaa

Gara fuula 14tti

Magaalaa Shaggaritti tajaajila manneen murtii dijiitaalessuun tajaajila qulqulluufi si'ataa taasisuuf hojjetamaa jira

Galaanaa Kumarraatiin

Magaalaa Shaggaritti tajaajila manneen murtii dijiitaalessuun ummanni tajaajila qulqulluu, si'ataafi haqa qabeessaa akka argatuuf xiyyeeffannaan hojjechaa

jiraachuu ibsame.

Manni Murtichaa Yaa'ii Abbootii Seeraa Manneen Murtii 2ffaa Galma Adwaatti geggeessaa tibbana gaggeesseera. Pirezidaantiin Mana Murtii Magaalichaa

Obbo Kumalaa Buusaa haasawaa taasisaniin manneen murtii magaalichaa tajaajila sektarichaan kennamu dijiitaalessuun ummanni tajaajila qulqulluu, si'ataafi **Gara fuula 14tti**

Biirichi hojii tajaajila

lammummaa Ganna kanaatiin
dubartootaafi daa'imman harka
qalleeyyii mil. 4.8 fayyadamaa
taasisuuf hojjetaa jiraachuu ibse

Hizqi'el Tashoomaatiin

Biirtoon Dhimma dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa hojii tajaajila lammummaa Ganna kanaatiin dubartootaafi daa'imman harka qalleeyyii miiliyoona 4.8 fayyadamtoota taasisuuf hojjetaa jiraachuu ibseera.

Biirichi wiixata darbe hojii tajaajila lammummaa ganna kanaa ilaalchisee



Aadde Maabraat Baacaa

miidiyaalee biyya keessaaf ibsa kenneera. Ibsicha kan kennan **Gara fuula 3tti**

Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Hojiin daldalaa seeraafi hojimaataan hojjetamu guddina dinagdee haqaqabeessa mirkaneessuuf kan gargaaru ta'uun himame

Galaanaa Kumarraatiin

Hojiin daldalaa karaa seeraqabeessaafi hojimaatasaa egeen hojjetamuun guddina dinagdee haqaqabeessa barbaadamu mirkaneessuuf kan gargaaru ta'uun himame

Kun kan himame marii Biiron Kominikeeshiinii Oromiyaa Fooyya'iinsa Dinagdee Gooroo Mootummaan akka biyyaatti taasise hordofuun daldaltoota qaxxaamuraan duroomuuf seeraan ala gatii dabalaniifi meeshaa dhoksan ilaalchisuun qorannoo yaada ummataa geggeesseen dhimmoota iftoomina barbaadanirratti qaamolee dhimmi ilaalu waliin tibbana Waajjirasaatti geggeesserratti.

Mootummaan guddina dinagdee haqa qabeessa ummanni irraa fayyadamuufi Itoophiyaa badhaate arguuf galma kaa'ame dhugoomsuuf kan gaargaaru Fooyya'insa Dinagdee Goororratti taasisuusaa Adoolessa 2 bara 2016 ifoomsuusaa ni yaadatama. Maalummaafi barbaachisummaa Fooyya'insa Dinagdee Gooroo taasifamerrattis ibsa bal'aa kennuuniifi ogeeyyiin damichaa ibsa akka irratti kennan taasisuun hojiin qaamolee hawaasaa adda addaa sadarkaan jiraniif hubannoo uumuu bal'inaan hojjetameera.

Haata'u malee, daldaltoonni jaalala ummataafi biyyaa qabaniin seeraafi naamusa hojichi barbaaduun hojjetaa jiran hedduun akkuma jiran, daldaltoonni lakkoobsisaanii laayyoo hin taane ammoo kana da'eeffachuun seeraan ala gatii dabaluniifi meeshaalee dhoksuun qaalayinsa gabaa uumuuf carraaqanis mul'ataniiru.

Kanaaf, mootummaan gocha kana to'achuuf sadarkaa Federaalaarraa hanga gandaatti Koree Taaksi Foorsii hoggansa olaanaan durfamu hundeessee hojii to'annoofi tarkaanfii bulchiinsaafi seeraa fudhachuurratti argama.



Biiron Kominikeeshiinii Oromiyaas dhimmuma kana ilaalchisuun Naannoo Oromiyaa keessatti qorannoo yaada ummataa geggeesseen fooyya'insa dinagdee Gooroo mootummaan taasise da'eeffachuun daldaltoonni seeraan ala gatii dabaluu, meeshaalee dhoksuu, bakka tokko tokkotti ammoo Koreen Taaksi Foorsi hojii kana hordofu malaammaltummaaf saaxilamuu, gibirri hin malle daldaltootatti ramadamuufi gama Biiroo Daldalaatiin carraa hojii uumuufi walitti hidhaminsa gabaa mijeessuurratti hamma barbaadamu hojjetamuu dhabuun akka jiru adda baaseera. Kana sirreessuufis Biirichi qaamolee dhimmi ilaalu afeeruun gama Biiroo Daldalaafi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiin tarkaanfii bulchiinsaafi seeraa fudhachuurratti hojii hojiilee hojjetamaa jiranirratti marii bal'aan taasiseera.

Hogganaan Itti Aanaan Biiroo Daldalaa Oromiyaa Obbo Tasfaayee Gashoo mariicharratti akka jedhanitti fooyya'insa dinagdee Gooroo taasifame hordofee seeraan ala gatii dabaluu fi meeshaalee dhoksuun tureera jedhaniiru.

Kana sirreessuuf, biirichi hojjetootasaa sadarkaa naannoo

hanga dakaatti jiran jiran 8328 ta'anfi hubannoo kennuuniifi dhimmamtoota garaagaraa waliin hojjetan waliin mari'achuun daldaltoota seeraan ala gatii dabalaa, daldaltoota meeshaalee dhoksanifi kanneen hayyama osoo hin haareessiniifi hayyamas osoo hin qabaatiin hojii daldalaarratti bobba'anii jiranirratti xiyyeeffachuun hojjetamaa akka jiraachuus dubbataniiru. Hojiilee hojjetamaa jiraaniinis, daldaltoonni kuma 18 ol ta'an hayyama akka haareffatan, 4000 hayyama akka baafatan taasifameera jedhan.

Kana malees, dhaabbileen daldalaa sababa malee gatii dabalaa 1336 akka saamsaman kan taasifame yoo ta'u, isaan keessaa kan kana dura yakka galmeessanii jiran 165 seera jala akka oolan taasifameera, dhaabbanni 1 ammoo hayyamni haqamuun waggoota lamaa oliif hojii daldalaa kamirrattiyyuu akka hin hirmaanne taasifeera jedhan. Walii gala dhaabbilee daldalaa saamsaman keessaa kummi 12fi 285 dhimmisaanii irra deddeebiin ilaaluun sirreessuun gara hojiitti akka deebi'an taasifamuus dubbataniiru.


Dhaabbilee meeshaa bitanii kuusaniifi dhoksan 626 kan saamsaman yoo ta'u, kanneen keessaa 47 to'annoo seeraa jaa oolaniiru, 621 ammoo, sirreeffamni taasifameeraaf jedhan Obbo Tasfaayeen. Hojjetoota biirichaa yakka daldala alseerummaa waliin tuttuqqii qaban 44 irrattis tarkaanfin garaagaraa fudhatamuu ibsaniiru.

Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatti Hogganaa Itti Aanaafi Itti Gaafatamaan Damee Wixinee Seeraafi Hariiroo Hawaasaa Obb Mallasee Abbaayineen Biirichi hawaasni daldalaa faayidaa isaaf hin malle argachuuf yakka keessa akka hin galleef Abbootiin Alangaa iddoowwan gabaa 600 olitti ba'uun ummataaf **Gara fuula 3tti** hubannoo uumamniiru jedhan.

Shanan Dhugootti oomishni loowuzii lafa hektaara 4,000 tti dhiyaaturratti kilaasteraan misoomaa jira

Bushiraa Aliitiin

Godina Harargee Lixaa Aanaa Shanan Dhuggootti lafa hektaara 3954 irratti oomishni loowuzii kilaastaraan misoomaa jiraachuu waajjiri Qonnaa aanichaa beeksise.



Aanichatti gandoota oomisha loowuzii misoomsuuf haala mijataa qaban hundatti oomishni loowuzii kilaastaraan misoomaa jiraachuu Itti gaafatamaan waajjira Qonnaa Aanichaa Obbo Muussaa Abraahim himan.

Oomisha loowuzii kilaastaraan misoomaa jiru kanarraahis tilmaamaam oomishni kuntaala kuma 99 ol ni argama jedhamee kan eeggamu tahuus himaniiru.

Aanichatti baay'inni qonnaan bultoota

oomisha misoomaa loowuziirratti bobba'an lakkoofsaan 7028 tahuus Obbo Muussaa Abraahim himanii qonnaan bultoonni kunneeniifis deeggarsi ogummaa gama waajjira qonnaatiin taasifamaafi jiraachuu eeraniiru.

Hanga oomishaattis ogeeyyiin misoomaa qonnaan bultoota gandoota aanichaatiif deeggarsa ogummaa barbaachisu hunda gochuu akka qabanis dhaamaniiru

Qonnaan bultoonni oomisha misoomaa loowuziirratti bobba'anis bara kanaa kan bara dabreen wal bira qabnee yoo ilaallu kan bara kanaa abdachiisaa jechuun dubbataniiru.

Godinichatti namoota 500 oliif tajaajilli wal'aansa baqaqsanii yaaluu moora ijaa kenname

W.K.Godinichaatiin

Godina Boorana Bahaatti Hospitaalli Waliigalaa Nageellee Booranaafi Hospitaalli Waliigalaa Arbaaminci 'Pure Blindness' waliin qindoomuun tajaajila wal'aansa baqaqsanii yaaluu moora ijaa bilisaan kennaniiru.


Hoji gaggeessan Hospitaala Waliigalaa Nageellee Booranaa Obbo Bonayyaa Liibaan Hospitaaloonni kun waliin qindaa'uudhaan namoota rakkoo ijaa qaban 500 ol ta'aniif tajaajila wal'aansa baqaqsanii yaaluu moora ijaa bilisaan kennaa jiraachuu ibsaniiru.

Ispeshaalistiin Yaala Ijaa Hospitaala Waliigalaa Arbaaminciifi Yuuniversiitii Arbaamincii Dr. Eeliyaas Taaddasaa tajaajilichi ji'a sadii sadiin kan ittifufuufi iddoowwan garaagararra deemuun kan hojjatamu ta'uu himaniiru.



Ittigaafatamaan Waajjira Fayyaa Godina Boorana Bahaa Obbo Areeroo Biiqichaa gamasaaniin godinichatti hojiiwwan tajaajila lammummaa hedduu Biiroo Fayyaa Oromiyaatiin labsamuun gadi bu'e bu'uura godhachuun hojjatamaa jiraachuu eeruun, aanaalee godinichaa kanneen akka Areeroofi Madda Walaabuutti kan ittifufu ta'uus dubbataniiru.

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi’aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiyaa@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Daandiin nagaa yoomiyyuu filatamaafi injifataadha

Ummanti Oromoo jaarraa tokkoof oliif kan inni qabsaa’e abbaa biyyummaasaa gonfachuu, dinagdee haqa qabeessaa qabaachuu, mirgi namoomaafi dimokiraasiisaa mirkaneeffachuuf aarsaa qaalii kaffalaa tureera.

Aarsaan qaaliin inni kaffale yeroosaa eeggatee firii argateera. Gaaffiin jaarraaf gaaffatamaa ture dhawata dhawataan aarsaa ilmaansaatiin deebi’aafi jira. Hireesaa qofa mitii hiree biyya kanaayyuu saboota obbolootaa waliin ta’uun murteessuurratti argama. Saboota biyyattii gaaffii ofiin ofbulchuu gaafataa turaniif madda deebii ta’eera.

Jijjiirama siyaas-dinagdeefi hawaas-dinagdee hunda galeessa biyyattii keessatti gaggeessuun walqixummaafi fayyadamummaan lammilee akka mirkanaa’u sirni dimokiraasii dhugaa akka lafa qabatu federaalizimiin sabdaneessaa akka mirkanaa’u taasisuun sadarkaa addunyaattuu dinqisiifannaa gaarii argateera.

Haata’u malee wayita Oromoon hiree biyya kanaa murteessaa jiru, keessatti, bakka dirreen mariif mijataa ta’e uumametti qaamoliin maqaa Oromoo dhahatanii socho’an jijjiirama qaalii ilmaasaatiin dhufe akka dinagdeen hin dabaalleef danqaa ta’aa jira. Nageenyi uummata Oromoo boora’uurratti argama. Kunimmoo kan ta’aa jiru osoo filannoon nagaa jiruu, dirreen mariif qophaa’e jirutti fayyadamuurra afaan meeshaan fedhiifi dantaa ofii galmaan gahuuf socho’uun karaa nama hin baasneedha.

Gama biraan qabeenya uummata kanaa mancaasuu, sochii danquu waamicha nageenyatti dugda galagalchuun ni mul’ata.

Ta’ullee mootummaan akka mootummaatti gara bal’inaan waamicha karaa nagaa yeroo yeroon taasisaa jira. Kanneen waamicha kana akka carraatti fudhatanii deebi’aniif mootummaan simachuun haaromsa taasisuun gara jireenyasaanii idileetti akka galaniif haala mijeessaa jira. Tibbanas miseensa ABO-Shanee kanneen daandii nagaa filatamaafi injifataa ta’uu hubatanii harka kennachaa jiraniif simannaa guddaan taasifamaa jira.

Ammallee kanneen gara nagaatti deebi’uu barbaadaniif mootummaan harkisaa diriirsee simachuuf qophiidha.

Ammallee daandiin humnooni maqaa Oromoo dhatanii socho’an kun adeemsisaanii jaarricha kan hin madaalle hawaasa Oromoo dinagdeen kan quucarsu, bu’uuraalee misoomaa uummatichaa kan mancaasu adeemsa misoomaa biyyi keenyaafi naannoon keenya kutannoo cimaa qabatte kan danqu ta’uu hubachuun daandii nagaa filachuun murteessaadha.

Daandiin nagaa murteessaafi hundayyuu injifataa kan taasisu waanta’ee mootummaan yeroo yeroon daandii nagaa akka filannoo osoo hin taane murteessaa ta’uun kutannoon hojjetaa jira. Kanaaf carraa mootummaan qaamonni kun akka karaa nagaa filataniif taasisaa jirutti fayyadamuun barbaachisaa ta’uu hubatamuu qaba.

Biirichi hojii tajaajila lammummaa . . .

Ittigaafatamtuun Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa Aadde Maabraat Baacaa, Mootummaan naannichaa mirga, bakka bu'insaafi fayyadamummaa dubartootaafi daa'immanii gama hundaan mirkaneessuuf xiyyafatee hojjetaa jiraachuu himan.

Hojii tajaajila lammummaa gannaa bara 2015 darbe keessa mootoo "Harmeef mana ijaaruun eebba haa fudhanu" jedhuun manneen kuma 65fi 357, beyladoota tajaajila garaagaraa kennaan kuma 12fi 679, meeshaalee barnootaa barattoota miiliyoona 3.2 fayyadamaa taasisaniifi meeshaalee qulqullinaa dubartootaafi daa'immaniif oolan arjoomtotarraa sassaabuun namoota deeggarsa barbadaniif dabarfamuu yaadachisuun, hojii tajaajila lammummaa waggoottan darban hojjetaman kanaanis miirri obbolummaafi tokkummaa akkasumas waliif yaaduu dagaagaa akka dubbataniiru.

Milkaa'ina argame caalmaan itti fufsiisuuf ganna 2016 kanas namoota miiliyoona 12.3 tajaajila hirmaachisuun dubartootaafi daa'imman harka qalleeyyii miiliyoona 4.8 fayyadamaa taasisuuf xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Hojii tajaajila lammummaa ganna kanaan mana harka qalleeyyii kuma 130fi 652 suphuufi ijaaruuf karoorfamee hanga ammaatti kuma 42fi 111, beyladoota garaagaraa kuma 15fi 82 deeggartootarraa walitti qabuun maatii harka qalleeyyiif kennuuf yaadame hanga ragaan kun qinda'eetti kuma 11fi 415 walitti qabuun harka qalleeyyii bira tajaajilichaan qaqqabamuu akka danda'es eeraniiru.

Sosochii "lukkuu 100 maatii tokkoof" jedhamee eegalame milkeessuufis lukkuu miiliyoona 1fi 20 walitti qabuun maatii harka qalleeyyiif kennaan dhiyeessuuf karoorfamee hanga ammaatti lukkuu kuma 420fi 918 walitti qabuun namoota deeggarsa barbaadaniif kennameeras jedhan.

Inisheetivii "Guddina Daa'iimman Umrri Duraa" irratti labsame hojiitti hiikuun fayyadamummaa daa'immaniifi haadholii mirkaneessaa deemuuf iddoo tursiisa daa'imman hawaasaa 57fi kan hojjetaa mootummaa 146 ta'uu tajaajila lammummaa ganna kanaan ijaaruun tajaajilaaf kan oole ta'uus ibsaniiru.

Bakka oolmaa daa'immanii gandoota naannichaa hunda keessatti ijaaruufi mijeessuufkaroorfamee hanga ammattis karoora qabame keessa giddugala 570 ta'u gandoota baadiyaafi magaalaa keessatti mijeessuun danda'ameera.

Dubartoonni ulfaa kunuunsa barbaachisu akka argataniif jaarmiyaalee mootummaafi miti mootummaa akkasumas hawaasa waliin ta'uun dubartoota kuma 6fi 176 deeggarsi qindaa'an yeroo ulfaa akka argatan taasifamaa jiraachuus Aadde Mabraat himaniiru.

Gama biroon barattoota miiliyoona 3.4 oliif meeshaa barnootaa arjoomtotarraa walitti qabuun giddugala naannoorraa barattoota harka qalleeyyii golee Oromiyaatti argaman hundaaf kennaan dhiyeessuuf yaadame hanga ammattis dhibbeentaa 22 kan ta'u caasaa sadarkaan jiran biratti walitti qabamuu eeranii, karoora qabame bira gahuufis hanga hagayya 30'tti sosochiin meeshaa barnootaa walitti qabuu mata duree "Meeshaa barnootaa daa'immaniif arjoomuun dirqama lammummaa haa bahannu!" jedhuun waan gaggeeffamuuf caasaan mootummaa sadarkaan jiruufi hawaasni naannoo akkasumas arjoomtonni yaadaafi gochaa eebbifamaa kana irratti hirmachuun qaama hawaasaa kana utubuuf tumsuu akka qaban Aadde Mabraat waamicha dhiyeessaniiru.

Hojiin daldalaa seeraafi . . .

Kana malees, hawaasa daldalaa miliyoona 1fi kuma 100 oliif hubannoon uumameera, hawaasa shammataaa miliyoona 4fi kuma 800 ta'uufis hubannoon uumamuu dubbataniiru Obbo Mallaseen himaniiru. Hojii itti gaafatamummaa mirkaneessuuf hojjetameenis maallaqni miliyoonni 3 mootummaaf galii ta'uu dubbataniiru.

Mootummaan hojii meeshaalee bu'uuraa haawaasaaf dhiyeessuurratti bal'inaan hojjechaa jiraachuun marii kanarratti kan ibsame yoo ta'u, hundaa ol garuu fala waaraa kennuuf dhiyeessii oomishaalee dabaluun murteessaa waan ta'eef hojiileen inisheetiivota garaagaraa oomishtummaa biyya keessaa guddisuurratti jalqabaman cimanii itti fufuu akka qabanidha kan eerame.

Daldaltoota muraasa haalaafi yeroo ilaallatanii tasgabbii gabaa jeequuf socho'an irratti xiyyeeffannoon kennamee qindoominaan itti fufiinsaan hojjechuun akka barbaachisu marii kanarratti ibsameera.

Hawaasnis, gochoota seeraan alaa hojii mootummaan haqa qabeessummaa daldalaa mirkaneessuuf hojjechaa jiru danquuf socho'an saaxiluun seeraan akka gaafataman taasisuuf tumsa gochaa jiru cimsee itti fufuu akka qabus dhaamameera.

Beeksisa

Arsii

Aadde Hayimaanot Mulgeetaa Magaalaa Asallaa ganda 01 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 11811/17/97 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Aadde Beetileheem Gazaahaany Magaalaa Asallaa ganda 12 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 17785/64/2001 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Baqqalaa G/Maariyaam Magaalaa Asallaa ganda 06 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkanaa’eef qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 11102/32/49 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Aadde Kormee Abdii Qaabatoo Magaalaa Asallaa ganda 10 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 10635/38/97 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Aadde Wubisheet Gadilee Magaalaa Asallaa ganda 02 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 3394/376/90 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Bashaa Abbabaa W/Masqal Magaalaa Asallaa ganda 05 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 13/57 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Abbabee Nagaash waraqaa ragaa qabiyyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Galmee 69423,Lakk. Kaartaa isaa 13542 kan ta’e Magaalaa Shaashamannee Ganda Awaashoo keessatti bali’inni iddoo 200M² irratti argamu tajaajila iddoo mana jireenyaa kan ta’e sadarkaa iddoo 2ffaa Lakk. iddoo--Dheerina Gamoo G+0 kan ta’e ragaan orijinaalli isaa harka isaanii jiru waan jalaa badeef kaartaan kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahee guyyaa 20 qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Abdurazaaq Jamaal Usmaan waraqaa ragaa qabiyyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Galmee 20808,Lakk. Kaartaa isaa 7725 kan ta’e Magaalaa Shaashamannee Ganda Aleeluu keessatti bali’inni iddoo 2500M² irratti argamu tajaajila iddoo Warshaa Daakuu kan ta’e sadarkaa iddoo 1ffaa Lakk. iddoo--Dheerina Gamoo G+0 kan ta’e ragaan orijinaalli isaa harka isaanii jiru waan jalaa badeef kaartaan kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahee guyyaa 20 qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Giddii Ganamoo Ulii Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee olaa 6ffaa Lakk.Nagahee isaa 822572 bara 2000 ta’een galmaa’ee tajaajila mana jireenyaatiif kan oolu maqaa kiyyaan galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala ta’uun koppiin isaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Muhaammad Tololaatiif
Bakka jiranitti
Himattuun Aadde Iiteetuu Asgidewu fi Himatamaa isin jidduu falmii tilmaama qabeenyaa waliin qaban ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/01/2017 sa’aatii 4:30 irraatti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Doddotaa.

Baale

Obbo Ibiraahiim Muhaammad Nagahee mirriitii lafa mana jireenyaa Lakk. isaa 0072703 kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Gindhiir ganda Gaaraa keessatti galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin ta’e kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir.

Iyyataan Obbo Adinewu Geetaachewu mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Taliilee Kabbadaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyattuun Aadde Tsahaay Bilisee mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 164M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Alamatsahaay Ashineetti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

H/Tusaa Nuuree mana daldaalaa Aanaa Diinshoo magaalaa Diinshoo ganda 01keessaa 500M² irratti argamu nan gurguradha jedhaniiru kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin gurgurtichi ni hayyamamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Diinshoo

Iyyattuun Aadde Saafayee Usmaan mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 02keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Sharafuddiin Maammee Najaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyattuun Aadde Baqqalech Bashaadaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Ballaxee Baqqaleetti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Saaliid Adam mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 02keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Abbee Mahaammad Huseenitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Mulugeetaa Baahiruu mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Shamsii Abdullaahiitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyatataan Obbo Gazzahaanyi Mollaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Ayyalee G/Hiyootitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Iyyataan Obbo Abbabaa Mangistuu mana daldaalaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 660M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii kaaree meetira 160M² ta’e Obbo Saamu’eel Bachareetti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Muhaammad Huseen Abdulakiim mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Geetuu Malkaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo

Boorana

Obbo Yaaddaalawu Mokonnin fi Aadde Ibstee Dajanee B/B Wuddee Awwaqaa qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01keessatti maqaa Obbo Yaaddaalawu Mokonninitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4069/BMN/01/01/01, bali’innisaa M² 375 irratti argamu Obbo Fiqiree Asfaawuutti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Amiin Isaaq Gadaa fi Aadde Rahamaa Adam B/B Abdlaxiif Xaahiir qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01keessatti maqaa Obbo Amiin Isaaq Gadaatiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 2747/BMN/01/01/01, bal’innisaa M² 561 irratti argamu Obbo Karmaa Xaayiritti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Isaaq Geedoo Waaqoo fi Aadde Kulsummaa Huseen qabeenyummaasaanii kan ta’e Mana jireenyaa Lakk.Kaartaa 2634/BMN/N/01/01/02 ta’e Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessaa lafa kaaremeetira 250 irratti maqaa Obbo Isaaq Geedoo Waaqootiin galmaa’ee argamu Obbo Yooseef Asaffaatti gurguranneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu ta’ee, yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Aadde Haliimaa Ibiraahim Faaraa qabeenyummaasaanii kan ta’e Mana jireenyaa Lakk.Kaartaa 761/2001 ta’e magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessaa lafa kaaremeetira 250 irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Sa’id Abdullaahiitiif kenneen jira waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu ta’ee, yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Yaa’ii 3ffaa Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoo

Gadaan sirna ittiin bulmaataa dimokiraatawaa uummanni Oromoo baroota dheeraaf sirna siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaasaa ittiin gaggeeffachaa ture kan hawaasni martii haala walqixxummaa qabuun keessatti qooda fudhataniidha. Sirni Gadaa Uummata Oromoo gosaan yookiin gitaan osoo gargar hin baasiin, Gadaa shanitti gurmeesse akka dabareen walbulchan kan taasiseedha. Sirni kunis Abbaa Gadaatiin kan hoogganamu sirna waan hunda ofkeessatti qabuufi jireenya Oromoo kallattii maraan sakkata’uudha. Abbaan Gadaa baallii fuudhu kunis waggaa saddeet saddeetiin karaa dimokiraatawaa ta’een yeroo turtiisaanii yoo fixatan aangoo dabarsu.

Dhiibbaa sirnoonni darbanirraan gahaa tureen sirni kun laafee kan ture yommuu ta’u, wareegama dhaloonni kaffalaa tureen sirni kun yeroo ammaa bakkasaa duriitti deebi’aa jira. Mootummaan Naannoo Oromiyaas aadaafi duudhaa ganamaatti deebi’uun dhaloonni ofitti deebi’uun sadarkaa guddinni addunyaan yeroo ammaa irra jirtu waliin tarkaanfachuun akka danda’amuuf xiyyeeffannoo kennee hojjachaa jira.

Kanaanis Manneen Murtii Aadaan uummanni keenya baasii mana murtee idileetti baasuufi dadhabbii hintaaneef akka hin saaxilamne haqasaa qe’ee isaatti akka argatuufi akkaataa aadaafi duudhaa isaatti akka jiraatu gochuun ibsuun, gama tajaajila lammummaan isaa aadaa miidhagaa qabnuun kan daare daara akka baasnu, kan dheebote dheebuu akka baasuuf, kan mana dhabe akka mana itti ijaarree gaaddisa waliif akka taanuuf hojjiin mootummaan hojjechaa utubaa sirna gadaa jabeessuun dhalootatti akka darbu taasifamaa jira.

Ummanni keenya tokkummaan ijaaramee nageenya naannoosaa akka eeggatuuf gaachana sirnaa hundeessuun hojii hojjatamaa tureen bu’aa qabatamaan argameera. Buusaa Gonofaas hundeessuun uummanni kun rakkoo uumamaafi namtolchee isa mudatu ofumasaa akka wal irraa qolatuu taasisuu ta’aa jira. Kana malees Barnoonni Gadaa manneen barnootaa keessatti akka kennamu gochuun dhaloonni akkaataa aadaafi duudhaa isaan akka baratu ta’aa jira.

Sirna Gadaa dhaloota barsiisuu, tokkummaa Oromoo jabeessuu, nageenya naannoofi biyyoolessaa eegu, dhimmoota hawaasummaafi dinagdee Oromoo cimsuu keessatti ga’een Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoo guddaadha. Kana hundaa utubuun hojiitti hiikuu keessattis ta’ee caalmaatti kununsuun hojii caalmaaf hojjechuun barbaachisaa waan ta’eef Gamtaan Abbootii Gadaa qooda isaanirraa eegamu sirnaan akka bahataniif Yaa’iin 3ffaa Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoo qindeessummaa Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatiin Hagayya 14fi 15 bara 2016 mata duree “Sirna Gadaa ijaarsa biyyaatiif” jedhuun magaalaa Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti gaggeeffameera. Yaa’ii



kanarratti argamuun haasaa baninsaa kan taasisan hooggantuun Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa aadde Jamiilaa Sinbiruu Oromoon saba aadaa, safuufi duudhaa gaarii qabu ta’uu kaasuun aadaafi duudhaa miidhagaa sabni guddaan kun qabu eegee kununsee dhaloota dhaalchisuu keessatti ga’een Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoo guddaa ta’uu ibsaniiru. Yaa’ii kanaanis ciminaaleefi hanqinalee jiran adda baasuun cimina caalmaatti itti fufsiisuun hanqinaalee mul’ataniifi hojimaata badaa ta’an maksuun barbaachisaa ta’uus himaniiru.

Yaa’iin kunis dhimmoota garaagaraarratti guyyoota lamaaf erga mari’atee booda aadaa, duudhaafi safuu Oromoo lafa qabsiisuun Sirna Gadaa dhalootaa dhalootatti ceesisuuf dhimmoota armaan gadiirratti murtee dabarseera.

- Aadaa, safuufi afaan Oromoo lafee dugdaa Oromummaa waan ta’eef dhaloota barsiisuun dhaloota aadaa, seenaafi duudhaa ofii beekke ittiin boonu, ittiin jiraatuufi dagaagsu uumuu mootummaan hojjechaa jiru ni tumsina, waliinis ni hojjenna.
- Heerri Gadaa Oromoo madda aadaa, duudhaa, safuufi safeeffannaa, seenaa, beekumsaafi falaasama Orom-duriifi laallee baroota amma keessa jirruu akkasumas dhangaa egeree waan ta’eef karaa duudhaasaa eeggateen ittiin buluufi bulchuuf akkasumas sabaafi sablammoota biyya keenyaa barsiisuuf cimsinee ni hojjenna
- Manni Murtii Aadaa falaasama heera Gadaa Oromoo keessaa kan fudhatameefi haqa dhokate deebisuu keessatti shoora olaanaa taphachaa waan jiruuf kana caalaa akka lafa qabatuuf gahee nurraa eeggamu ni baana
- Ijaarsa Gaaddisa Mana Murtii Aadaa jalqabamee jiru bara 2017 keessatti guutummaa

Oromiyaa keessatti akka xumuramuuf deeggarsa nurraa eegamu ni goona, hawaasa keenyas dammaqsuun gamtaan akka ijaaru ni taasifna

- Ardaaleen jilaa giddugala qubannaa Abbootii Gadaa, jiloonni ittigaggeeffaman akkasumas wiirtuulee seeronni itti tumamaniifi lallabaman waan ta’aniif akka eegaman, kunuunfamaniifi misooman gochuu keessatti gahee nurraa eegamu ni baana, wiirtuu keessa jirru keessattis ni misoomsina

- Aadaafi duudhaa Oromoo dhaloota barsiisuu keessatti, nageenya mirkaneessuu keessatti gaheen haadholee Siinqee olaanaa waan ta’eef wiirtuu Gadaa hundatti hirmaannaan haadholee siinqee akka guddatuuf ni hojjenna.

- Hojiin eegumsa naannoofi biqiltuu dhaabuu, kunuunsuun heera Gadaa keessaa kan fudhatame ta’uu beekuun hojii misooma ashaaraa magariisaa akka biyyaafi naannoo keenyatti hojjetamaa jiruuf beekamtii kan kenninuufi nutis karaa adda ta’een irratti hirmaachuun keessumaa mukkeenbiyyakeessaa qorichummaaf, faayaaf, nyaataaf, jiloota gaggeessuuf oolan akkasumas eegumsa biyyoof ta’an bal’inaan akka dhaabbatan ni taasifna.

- Hojii misoomaa roga hundaan naannoo keenya keessatti hojjetamaa jiruuf beekamtii kan kenninuufi kana caalaa dheebuu misoomaa ummanni keenya qabu akka guutamuuf deeggarsa keenya kan goonuufi ummatni bal’aan karaa hundaan bira akka dhaabbatuuf waamicha keenya ni taasifna.
- Heerri Gadaa Oromoo hariiroo obbolummaafi waliin jiraachuu waan barsiisuuf naannoo keenyaafi biyya keenya Itoophiyaa keessatti obbolummaan dhugaarratti hundaa’ee fi wal utubuun waliin jiraachuufi guddachuu qabatamaan hojiirra akka oolu gochuuf hojii nurraa eegamu kan hojjennuufi qaamolee biroos barsiisuuf waadaa ni sienna.
- Heerri Gadaa Oromoo nagaan hangafa waan hundaati waan jedhuuf naannoo keenyaafi biyya keenya keessatti nageenyi akka jiraatu, wal waraansi akka dhaabbatuuf sadarkaa hundatti cimsinee ni hojjenna, qaamoleen hidhatanii laga jiranis gara nagaatti akka dhufaniif waamicha ni taasifna.
- Calaaqqee heera Gadaa keessaa tokko kan ta’e Ayyaanni Irreecha Malkaa/Birraa bara 2017 malkaawwan hundatti karaa duudhaafi safuu Irreechaa mul’isuun, kabajaafi guddummaa Oromoo agarsiisuun akka kabajamuuf ni hojjenna, qeerroofi qarreen akkasumas hawaasni marti abbootii Malkaa dura akka hin irreeffanneefi malkaa hin saaqne cimsinee beeksifna jechuun murteessuun Yaa’iisaanii guyyoota 2f taa’aa turan goolabaniiru.

Finxaaleessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Obbo Xilaahuun Geetaachoo B/B Hayiluu Tarree qabeenyummaasaanii kan ta’e Mana jireenyaa Lakk.Saayit pilaanii 0612/BMN/01/01/01 kan ta’e Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessaa lafa kaaremeetira 200 irratti maqaa Obbo Xilaahuun Geetaachootiin galmaa’ee beekamu Aadde Munaa Kabaddaa Husseenittif gurgureerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti akka dhiyaatu ta’ee, yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Buunoo Beddellee

Aadde Yirgaalem Abbaatihun mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 46116/2010 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 475M² irratti argamu Obbo Jamaal Ra’uufitti waan gurgurataniiif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Mangistuu Shifarraa fi Aadde Ikkulinnet Ashaagiree mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Siddisaa) keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 0406/2008 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 200M² irratti argamu Aadde Misgaanee Zallaqeetti waan gurgurataniiif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Zeeniyaa Faariis Waldaa Biiftuu keessatti kan argamtu Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu qabeenyaa hin sochoone Lakk. waliigaltee Liizii 0245/02/2014 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 160M² irratti argamu sababa diiggaa gaa’ilaa mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa gara Obbo Kaliifaa Abdallaatti akka jijjiiramu waan gaafataniif,kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo kan hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Yeraabilet Tsahaay mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu qabeenyaa hin sochoone Lakk. waliigaltee Liizii L-0700/10 kan ta’e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo kan hin dhiyaanne ta’e kan biraa bakka buufnee kaartaa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Atsadee Ahimad waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Goota) keessaa qaban qabeenyaa hin sochoone bali’ina lafa isaa kaaree meetira 500M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dhaaltota isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Obbo Addisuu Amdemikaa’eel 2^{ffaa} Aadde Zuufaan Amdemikaa’eel 3ffaa Aadde Ijjiigaayyoo Amdemikaa’eel 4ffaa Aadde Massalech Amdemikaa’eel kan jedhaman dhaaltota sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manna murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirra maqaa kan kanraawwanuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Abbabaa Dabalaa waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaa qaban qabeenyaa hin sochoone bali’ina lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dhaaltota isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Aadde Abbaayinesh Daamxee 2^{ffaa} Obbo Alamaayyoo Abbabaa 3ffaa Aadde Iftuu Abbabaa 4ffaa Aadde Dureettii Abbabaa 5ffaa Obbo Salamoon Abbabaa 6ffaa Aadde Nannoosh Abbabaa 7ffaa Aadde Burukee Abbabaa kan jedhaman dhaaltota sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manna murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirra maqaa kan kanraawwanuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Kallacha Oromiyaa

Aadde Yeraabilet Tsahaay mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu qabeenyaa hin sochoone Lakk. Waliigaltee Liizii L-0699/10 kan ta’e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Abaatee Abdiisaa waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Goota) keessaa qaban qabeenyaa hin sochoone bali’ina lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dhaaltota isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Aadde Mitikkee Baqqalaa 2^{ffaa} Obbo Hatilemikaa’eel Abaatee 3ffaa Obbo Kuraabbaachoo Abaatee 4ffaa Aadde Masarat Abaatee 5ffaa Aadde Masaay Abaatee 6ffaa Obbo Olaanaa Abaatee kan jedhaman dhaaltota sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manna murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirra maqaa kan kanraawwanuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Abaatee Abdiisaa waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(D/Misoomaa) keessaa qaban qabeenyaa hin sochoone bali’ina lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dhaaltota isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Aadde Mitikkee Baqqalaa 2^{ffaa} Obbo Hatilemikaa’eel Abaatee 3ffaa Obbo Kuraabbaachoo Abaatee 4ffaa Aadde Masarat Abaatee 5ffaa Aadde Masaay Abaatee 6ffaa Obbo Olaanaa Abaatee kan jedhaman dhaaltota sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manna murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirra maqaa kan kanraawwanuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee

Obbo Awwaluu Shifaa Godina Bunnoo Beddellee Aanaa Gachii ganda 01 Zoonii Roob Gabaa 2ffaa keessatti argamu mana qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa MMLM-0228/2012 kan ta’e Obbo Shifarraa Bafiquaduutti waan gurgurataniiif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, gurgurtaa kana kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Mana Qopheesaa Gachii

Obbo Mahaammad Yaasiin Godina Bunnoo Beddellee Aanaa Gachii ganda 01 Zoonii G/Galeessaa keessatti argamu mana qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa WLMMQG-002/2016 kan ta’e Obbo Tamaam Gabiitti waan gurgurataniiif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, gurgurtaa kana kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Mana Qopheesaa Gachii

Aadde Biraanee Mangashaa Magaalaa Qumbaabee ganda 01 keessaatti qabeenyaa hin sochoone mana jireenyaa Lakk. kaartaa isaa 00852 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Zaruu Iisaatti waan gurgurtaniif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Aanaa Cooraa.

Obbo Baqqalee Warqee fi Aadde Abbaayinesh Gaaddisaa mana jireenyaa Magaalaa Dambii ganda 01 Zoonii Guddinaa keessa qaban Obbo Sulxaan Ahimaditti waan gurgurataniiif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa kana waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Dhidheessaa.

She/Sayiid Alii fi Amiinat Sheehuu mana jireenyaa Magaalaa Dambii ganda 01 Zoonii Tokkummaa keessa qaban Obbo Saalii Naasiritti waan gurgurataniiif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Dhidheessaa.

Hagayya 23 bara 2016

Obbo Yibalxaal Geetaachewu mana jireenyaa Magaalaa Dambii ganda 01 Zoonii Guddinaa keessa qaban bali’ina lafaa 220M² irratti argamu Obbo Geetaachewu Gizaawutti dhaalaan waanan argadheef jijjiirran maqaa naaf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Dhidheessaa.

Gujii

Obbo Takkaallinyi Asaffaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessa qaban lafa kaaremetira 469.35M² irratti argamu maqaa isaaniiti galmaa’ee beekamu Obbo Bunnoo Kullitiitti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Obbo Abaabaawu Yaadasaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessa qaban lafa kaaremetira 300M² irratti argamu maqaa isaaniiti galmaa’ee beekamu Obbo Dukalee Sheelleetti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Obbo Addisuu Figaadee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biqaa Fooraa Awaxaa keessa qaban lafa kaaremetira 612M² irratti maqaa isaaniiti galmaa’ee argamu irraa hirisanii kaaree meetira 280M² ta’e dabarasanii Aadde Xuruu Charinnatitti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Obbo Masfin Margaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessa qaban maqaa Aadde Birqee Huseeniifi Massalech Amaareetiin galmaa’e beekamu bakka bu’ummaadhaan dabarsanii Obbo Isaaq Huseenitti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Obbo Duubaa Yaachis mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessa qaban lafa kaaremetira 200M² irratti maqaa isaaniiti galmaa’e argamu Aadde Abarraash Mokonninitti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Obbo Dukkalee Dastaa Golee mana jireenyaa Lakk.isaa Ad/God/386/008 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4235/13 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru ObboLammeessaa Uturaa Bariisootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Sittiinaa Huseen Gannaalee mana daldaalaa Lakk.isaa -- ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Industrii irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa 153M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4118/13 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru Obbo Gaashaawu Girmaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Jaallataa Elemaa Duubee mana jireenyaa Lakk.isaa Ad/GBB/110 Kan ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Mana Daldaalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Gendo B/Biiluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 8327/16 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru Aade Gannat Gannaalee Muudaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Sayiid Mahaammad Fiixaa mana jireenyaa Lakk.isaa -- ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Q/ Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4235/13 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Sulxaan Tassuree Jibichootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Iluu Abbaa Boor

Obbo Takkaallinyi Sanbatoofi Aadde Algaanesh Tasfaayee mana Jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda G/Odaa keessaa qaban maqaa Obbo Takkaallinyi Sanbatootiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 5069/02/2016 kan ta’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaamee argamu Sad. iddoo 2ffaa tajaajila iddoo R2 ta’e Obbo Taajuddiin Ahimaditti gurgurannee jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa.Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Alamuu Taaddasee mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda Abbaa Shuuramuu keessaa jiru maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa kaaree meetira 737M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa Dhu/325/2013 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Obbo Biiniyaam Alamuutiif kennaadhaan waan kennaniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Yaayyoo.

Aadde Ababaa Warqee mana jireenyaa balbala 1 Magaalaa Bachoo keessatti bal’ina lafaa 195m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa 321/MMLM/2014 kan ta’e Obbo Warquu Goobanaatti waan gurgurataniif akkaataa labsii liizii 721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatamuuf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Bachoo

Obbo Turunaa Qannoo mana jireenyaa balbala 1 Magaalaa Bachoo keessatti bal’ina lafaa 500m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa MMLM/050/2010 kan ta’e irraa hirisanii lafa bali’inni isaa 216m² ta’e Obbo Ahimad Huseenitti waan gurgurataniif akkaataa labsii liizii 721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatamuuf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Bachoo

Aadde Shittaayee Taammiruu mana jireenyaa balbala 1 Magaalaa Bachoo ganda 01 keessatti bal’ina lafaa 165.6m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa 310/2014 kan ta’e Obbo Biqilaa Faqqadaatti waan gurgurataniif akkaataa labsii liizii 721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatamuuf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Bachoo

Jimmaa

Obbo Musammaa Mohaammad Lakk.Kartaa Hin socoone 1952 tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda H/ Markaatoo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa

Aadde Faaxumaa Mahaammad Lakk.Kartaa Hin socoone 2586/2010 kan ta’eefi Waliigaltee Liizii 3542 kan ta’e tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda M/Qocii keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, ragaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa

Aadde Lubaabaa Mahaammad Lakk.Kartaa Hin socoone 197 kan ta’eefi Waliigaltee Liizii 1993 kan ta’e tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda A/Mandaraa keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, ragaa kana namni arge ykn sababa adda adaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee ragaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa

Obbo Mahaammad Jamaal Lakk.Kartaa Lafa Duwwaa 2247 kan ta’e tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda G/Guduruu keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaa duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa

Obbo Kaaliid Kadiir Lakk.Kartaa Hin socoone 3092/2014 kan ta’e tajaajila mana jireenyaaf kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda S/Samarroo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaa duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa

Obbo Tewodiroos G/Giyoorgiisiin kaartaa hin sochoone Lakk. 005 tajaajila mana jireenyaaf kan ooluu Magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo keessatti argamuu waan na jalaa badeera jedhaniif, kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanaii iyyataniiru. kanaafuu namni raga kana arge ykn Sababa addaa addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaassu, yoo dhiyeessuu baate, kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Aadde Asnaaqech Mulugeetaa fa’aa N-3 kaartaa sochoone Lakk. 5822/2014 tajaajila mana jireenyaaf kan ooluu Magaalaa Jimmaa ganda B/A/Katamaa keessatti argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kana arge ykn Sababa addaa addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaassu, yoo dhiyeessuu baate, kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Mana Amantaa Kaatooliikii kaartaa sochoone Lakk. 2996 tajaajila mana Amantaaf kan ooluu Magaalaa Jimmaa ganda A/Mandaraa keessatti argamuu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kana arge ykn Sababa addaa addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaassu,yoo dhiyeessuu baate, kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Aadde Tawaabech Booranaa Boree Lakk. Waliigaltee Liizii 13257 tajaajila mana jireenyaaf kan ooluu Magaalaa Jimmaa ganda B/Kittoo keessatti argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kana arge ykn Sababa addaa addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaassu,yoo dhiyeessuu baate, kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Shawaa

Obbo Jibiriil Qaadii Hajii Kaartaa Lakk. isaa L/3335/2002 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, kaartaakan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi

Obbo Nugusee Dabalee Nagahee Lakk. isaa 1498170 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa .

Obbo Tasfaayee Baayisaa Waliigaltee Liizii Lakk. 1644/08 maqaa isaaniitiin Magaalaa Duukam keessatti kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate jiru yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Duukamitti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan raga jiruun koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam.

Obbo Warquu Mangistuu Nagahee Lakk. isaa 032955 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi

Obbo Mokonnin Lmeechaa Nagahee Lakk. isaa 2229516 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

Simmanyi Mokonnin Kaartaa Lakk.isaa Bur/1664/97 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee hojjenne kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Qalbeessaa Jiru Magaalaa Walisoo ganda Bu/Gu keessatti ragaan mana jireenyaa qaban kaartaa Lakk.isaa W/193 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kanaa arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate kaartaa manaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

Aadde Zahaaraa Mahaammad ragaa qabiyyee iddoo mana jireenyaa Nagahee Mirriitii Lakk.isaa 237389 kan ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksifan, kun hin taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irra darbee booda ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Obbo Indaalkaachoo Baatirii karaa bakka bu’aa isaanii Aadde Qamariyaa Bilaal Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti lafa mana jireenyaa Kaartaa Lakk. isaa BMG/K/W/3003/14 kan ta’e maqaa Obbo Indaalkaachoo Baatiriitiin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef,namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti tilmaamamee kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan

Obbo Gannanawu Zallaqaa karaa bakka bu’aa isaanii Obbo Malaakuu H/Maariyaam Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti ragaa mana jireenyaa Nagahee Lakk. isaa 0048029 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameefi waan jalaa badeef,namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti tilmaamamee raga faayila keessa jiru koppii ta’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!



Muuxannoo

Masarat Amanaa

"Nutis seenaa himamu qabna, afaan dubbatamu qabna" Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee

Hayyoota seenaa ummata Oromoo keessatti maqaansaanii adda durummaan ka'u keessaa tokko kan ta'an Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee qorataa seenaa, barsiisaa amantiifi barreessaa kitaabaa ta'uun beekamu.

Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee hunda caalaa kan ittiin beekaman qubee Afaan Oromoo ittiin barreeffamu kalaquudhaani. Hayyuun afaaniifi seenaa Oromoo qorachuun umriisaanii dabarsan kun, bara jireenyasaanii keessatti kitaabota 30 ol Afaan Oromoofi Afaan Arabaan barreessanii maxxansiisaniiru. Akkasumas nama yeroo jalqabaaf Qur'aana gara Afaan Oromootti hiike ta'uunis milkaa'aniiru.

Kana malees, tajaajila Raadiyoo Afaan Oromoo yeroo jalqabaaf jalqabsiisuu keessatti gumaachisaanii olaanaadha. Yeroo garaagaraatti sagantaa raadiyoo Afaan Oromoo Kaayiroo, Moqadishoo fi Makkaarraa darbu jalqabsiisaniiru. Sheek Mohaammad Rashaad bara 1934tti Godina Harargee Lixaa Aanaa Gubbaa Qorichaa Ganda Laga Arbaa keessatti dhalatan. Barnootasaaniis barnoota amantaatiin eegalan. Gara godina Harargee Bahaa imaluunis sheekotaafi aalimota gurguddoorraa barumsa amantaa barataniiru.

Ijoollummaasaaniin aalimotarraa seerluga afaan Arabaa baratanii kan guddatan Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee, bara 1949 yeroo umriinsaanii 16 gahu gara Jibuutii imale. Sana booda karaa Yamaniin Saa'ud Arabiyaa galan. Bara 1951 Sa'uudiitti Hajjii godhuun gara Sooriyaa deemuun hanga bara 1955 achi jiraatan.

Sheek Mohaammad Rashaad waggoota shan Sooriyaa keessa yeroo jiraatanitti masjiidota garaagaraatti imaama ta'uun erga tajaajilanii booda bara 1956 barnootaaf gara Masriitti qajeelan.

"Masrii, Kaayiroo yeroo galu Mootummaa biyyattiirraa hayyama argachuun magaalaa Kaayirootti kutaa 12ffaa barate. Akkuma barnootasaa kutaa 12 xumureen Yuunivarsiitii al-Azhar jedhamu seenuunis baratan.

Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee barnootaaf biyya Masrii Yuunivarsiitii al-Azhar wayita barataa jiranitti waa'ee Oromoofi Oromummaa itti dhagamaa dhufe, Sana boodas miseensa waldaa barattoota Oromoo ta'e. Keessumaa Oromoon qubee mataasaa qabaachuu dhabuunsaa baay'ee akka xiiqeffatan taasise.

Sheek Mohaammad Yuunivarsiitii ittiin baratan keessatti qabxii olaanaa galmeessisaa turan. Akka yuunivarsiitichaatti barataa cimaa ta'uun beekamu. Bara 1962 qabxii olaanaan eebbifamanii bulchaa Masrii yeroo sanaa Jamaal Abdal Naasir harkaa waraqaa beekamtii fudhataniiru.

Sheek Mohaammad yeroo yuunivarsiitii keessa baratanitti Oromummaasaaniif quuqama olaanaa agarsiisaa kan turan yoo tahu, kanarraa ka'uunis gara Pirezidaantii Yuunivarsiitichaa yeroo sanaa dhaquun hawaasasaanii Afaan Oromoottiin karaa raadiyoo barsiisuu akka barbaadan gaafatan.

"Nutis seenaa himamu qabna, afaan dubbatamu qabna, qubee ittiin qubeessinu qabna. Kana hunda miidiyaadhaan mul'isuu waan barbaannuuf miidiyaa nuuf hayyamaa," jechuunis gaafatan.

Gaaffii dhiyeessanis yuunivarsiitiifi mootummaan Masrii hayyamuun Raadiyoon Afaan Oromoo yeroo jalqabaaf magaalaa Kaayiroorraa bara 1958 tamsaasa daqiiqaa kudhanii eegaluun yeroo muraasaafis tamsa'aa ture.

Sheek Mohaammad yuunivarsiitii al-Azhar irraa erga



eebbifaman boodas achumatti ramadamanii hojjetaniiru. Sheek Mohaammad waggaa tokko ol yuunivarsiiticha keessa erga hojjetanii booda bara 1963 gara Somaaliyaa, Moqadishootti ergaman. Achiis waggaa sadiif imaama masjiidaafi barsiisaa amantii ta'anii hojjetaniiru.

Bara 1963 hanga 1965 miindaan isaanii yuunivarsiitii al-Azhariin kaffalamaafii kan ture yoo tahu, yeroo kana Oromoonni jaha hanga torba ta'an kanneen akka Elemoo Qilxuu, Huseen Bunee, Huseen Suraa fi Abdulaziiz fa'aa waliin iddoo Somaaliyaa Galbeejoo jedhamu keessaas waliin turan. Waliinis dhaabbata Somaal Galbeedii' jedhamu dhaabanii turan.

Sana booda Biiroo Aadaafi Turiizimii Somaaliyaa keessa hojjechuuf carraa argatan. Yeroo sanas hayyoota afaanii Somaaliyaa waliin ta'uun Af-Somaaliin qubee laatiinii akka fayyadamu murteessuurra kaasee guddina afaan biyyattiif Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee gumaacha taasisaniiru.

Yeroo Somaaliyaan afaan ofitiin barreessuu eegalan. Muuxannoo sanarraa ka'uun qubee afaan Oromoo ittiin barreeffamu katabu keessattis gumaacha taasisaniiru. Haaluma kanaan bara 1968tti yeroo jalqabaatiif kitaaba qubee Afaan Oromoottiin barreeffame Somaaliyaa keessa maxxansan.

Kitaabichi mata duree 'Furaa Afaan Oromoo' jedhuun maxxanfame. Kitaabni kun gabaarra yeroo oolu qaamolee garaagaraa mufachiisee ture. Warreen sababa kitaaba kanaan isa qabuuf yaadanillee turaniiru.

Hayyoonni afaaniifi qabsaa'onni isaan booda dhufan kitaaba kana akka bu'uuraatti fayyadamuun qubee afaan Oromoo dagaagsaa kan turan yoo tahu, Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee wayita Somaaliyaa turanitti hojii guddaan isaan hojjetan inni biraan sagantaan raadiyoo Afaan Oromoo Moqadishoorraa darbuu akka jalqabu tattaaffii godhaniiru.

Sagantaan Raadiyoo Afaan Oromoo kun boodarra dhiibbaa garaagaraatiin hanga cufamutti sa'aatiin tamsaasasaa daqiiqaa 15 turerraa gara sa'aatii tokkootti guddateera. Sheek Mohaammad Rashaadis wayita

raadiyoo Moqadishoo keessa hojjechaa turanitti sirboota Oromoo dhageessisuu bira darbee aartistoota Afran Qalloo deggeraa turan.

"Qabsaa'onni Oromoo kanneen akka Jaarraa Abbaa Gadaa, Nagaasoo Gidaadaafi kanneen biroo haalli biyya keessaa itti ulfaatee gara Somaaliyaa yeroo baqatan Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee deeggaraa kan turan yoo tahu, Kana malees, miseensota hawwisoo Afran Qalloof meeshaalee muuziqaa dhiyeessuu bira dabree dabalataan Somaaliyaatti isaan simataa ture.

Sheek Mohaammad Rashaad Abdullee Somaaliyaa keessa barsiisaa amantii ta'anii osoo hojjechaa jiranii bara 1983 gara Saa'udi Arabiyaa ergaman. Garas kan erge Biiroo Aadaafi Turiizimii Somaaliyaa yoo ta'u, kaayyoon ergamni isaanii dhimma amantii islaamaarratti qorannoo akka taasisan, akkasumas seenaa Somaaliyaa akka qorataniifi barreessan ture.

Haata'u malee, Sheek Mohaammad Rashaad kaayyoo itti ergaman dhiisanii dhimma aadaafi afaan Oromoo barsiisu fi barreessuu, akkasumas seenaa Oromoo qorachuu eegalan. Mootummaan Somaaliyaas haala kana yeroo hubatu miindaa isaanii jalaa ugguree kan ture yoo tahu, aana booda Somaaliyaatti yoon deebi'e na ajjeesu danda'u sodaa jedhuun Saa'udii keessatti hafe.

Jireenya Saa'udii Arabiyaatti dabarsaniin Makkaarraa Raadiyoo tamsaasaa turan. Haata'u malee dhiibbaa taasifameen tamsaasni kun akka cufamu taasifame. Kana malees, Saa'udii yeroo turanitti xiiqqi "Ummanni Oromoo akkamiin afaansaatiin amantii Islaamaa barachuu qaba" jedhuun Qur'aana islaamaa gara Afaan Oromootti hiikaniiru.

Sheek Mohaammad Rashaad jireenyasaanii gara dhumaa gara biyyaatti deebi'uun biyya keessatti dabarsan. Gara biyyaatti deebi'anii galuun waggoota jahaaf turan. Sana booda ni dhukkubsatan. Magaalaa Adaamaatti yaalamaa erga turanii booda gara magaalaa Dirree Dawaatti deebi'uun bara 2013tti addunyaa kanarraa du'aan boqochuusaanii ilmaasaanii Kaaliid Mohaammadirraa odeeffanneerra.

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Imalli Oromiyaafi Itoophiyaa magariituu arguuf taasifamu itti fufeera

Biqiltuu dhaabuun balaa uumamaa to'achuuf, qilleensa mijataa uumuuf, bishaan lafa jalaa gabbisuuf, bosona/Mukeen dinagdee ijaaran bal’inaan horachuuf, miidhaginaafi hawwattummaa naannoo/magaalaa dabaluuf,tuurizimii magariisa bal’inaan uumuuf, oomishaafi oomishtummaa guddisuuf, naannoo fayyaaleessa uumuufi kkf ni gargaara. Walumaagalatti, inisheetivichi rakkoowwan jijjiirama qilleensaan uumamuu danda’an to’achuufi kaayyoowwan dachaa ta’an galmaan ga’uuf kan dandeessisuudha.

Inisheetiviin Ashaaraa Magariisaa Ministira Muummee Itoophiyaa Dr.Abiyyi Ahimadiin waggoottan dura eegalameefi Naannoo Oromiyaatti adda durummaan hojiirra oolaa jiru abdii dhaloota egeree ta’aa dhufeera.

Addunyaan har’aa sigiga lafaa, lolaa akka malee, bubbeefi ho’aa gar-maleen akka hubamtuuf sababa guddaan jijjiirama qilleensa yoota’u ka’umsaafi sababni guddaan immoo mancaatii bosonaafi xiyyeefannoo hawaasnifi biyyoonni guddatan qabeenya uumamaatif kennan gadi bu'aa ta'uudha.

Gama biroon, seeronniifi qajeelfamoonni dhimma kana bu’uura taasifatanii qophaa’an akkaataa eegamuun hojiitti jijjiiramuu hafuun immoo dameen kun yeroo gabaabaatti rakkoo keessaa akka hin damdamanneef saaxileera.

Addunyaa keessa jiraannu keessatti rakkoowwan sababa jijjiirama qilleensaan mudatanirra damdamachuuf furmaata yeroofi ittifufinsa qabu fayyadamanii qorumsa mudatu darbuuf yaaliiwwan taasifaman arguun kan baratamedha. Haa ta’u malee ammayyuu rakkoo kana gadi fageenyaan hubachuun furmaata waaraa kaa’uun, rakkoowwan darbanii darbanii sababa jijjiirama qilleensaatiin naannoofi hawaasa qormaataaf saaxilan keessaa bahuuf ammallee kallattii mootummaan kenne fudhachuun xiyyeeffannoon hojjechuu gaafata.

Inisheetivii Ministira Muummee Dr. Abiyyi Ahimad eegalchisan bu’uura taasifachuun, dhiibbaa jijjiiramni qilleensaa waggootaaf uumerraa dandamachuuf biqiltuwwan dinagdee fooyyessaniifi rakkoo hiikan adda addaa dhaabuun biyya badhaateefi magariisa taate uumuuf hojiin erga eegalame waggoota lakkoofsiiseera.

Sagantaa Ashaaraa Magariisaa akka biyyaatti gaggeeffamaa turen, biqiltuwwan waggoota shanan darbanitti dhaabaman gara biliyoona 40tti ol guddachuu Ministeerri Muummee Dr. Abiyyi Ahimad tibba kana fuula fb isaaniin eeraniiru. Biqiltuwwan waggaa darbe dhaabaman keessaa dhibbantaan 50n wabii nyaataa mirkaneessuuf, eegumsa biyyoo cimsuufi golgolaa'uu lafaa ittisuuf akka gumaachan kan dhaabamanidhas jedhan. Fuulduraafis naannoowwan akka yaa'a Abbayyaa jiran keessa biqiltuwwan dhaabuudhaan hojii eegumsa biyyeefi bishaanii deeggaruun barbaachisaa akka ta’ees akeekaniiru.

Xiyyeeffannoo mootummaan jijjiirramaa, jijjiiramaan booda kenneen qophii sanyii irraa

eegalee akka biyyaatti biqiltuwwan nyaataa, bosonaa, egumsa biyyeefi bishaanii, miidhaginaa, madda qoricha garaagaraa kan ofkeessatti hammatan karaa ittifufinsa qabuun qopheessuufi dhangalaasuu, biqilchuufi bakkeewwan biqiltuuf adda bahanitti dhaabuun gaaddisa dhaloota boriif ta’u kaa’uun danda’ameera.

Hojii hojjetamaa tureen Naannoo Oromiyaatti dhiqamuun biyyee hir’achaa jira, simbirronniifi bineensonni deebi’aa jiru, haalli rooba fooyya'aa jira, madda lageeniis fooyyeesseera. Magaalonni bosonaan uwwifamuu eegalaniiru, biqiltuu dhaabuun hawaasa biratti aadaa ta'aa dhufeera.

Bara 2016 kanas inisheetivii Ashaaraa Magariisaa Ministira Muummee Dr. Abiyyi Ahimadiin maddee hojiirra oolaa jiru itti fufinsa mirkaneessaa adeemuuf karoorfamee hojjetamaa jira.

Itti fufiinsa inisheetivii kanaa mirkaneessaa adeemuuf Pirez.Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa bu’aa bara 2011 irra eegalee galma’eefi kallatti fuula duraa irratti ergaa dabarsan bu’uura taasifachuun qindaa’eera.

Inisheetiviin Ashaaraa Magariisaa Looreetii Nagaa Addunyaa, Ministira Muummee Dr. Abiyyi Ahimadiin maddee hojiirra oolaa jiru, akka biyyaafi naannootti, lakkoofsa biqiltuu qophaa’unis ta’ee dhaabbatuun dabalaa dhufee guddina ajaa’ibaa argisiisaa jiraachuu Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa fuula Fb isaaniin himaniiru.

Qophii biqiltuu, bara 2011'tti biiliyoona 2 irraa ka'uun, bara 2016 biliyoona 5.472’n dachaadhaa oliin kan daballe yoo ta'u, bara kana dabalatee waggoota jahan darban, waliigalaan biqiltuu biliyonni 25.202 qopheessuu dandeenyeeras jedhan. Adeemsi galmi keenya itti ol ka’aa dhufe kun, fedhii mancaatii bosonaa ittisuu, kunuunsafi bakkatti deebii madaala naannoo dabaluu fi wabii nyaataa mirkaneessuuf qabnu fooyya'aa dhufuu kan agarsiisuudha.

Lakkoofsi biqiltuu dhaabnuus dabalaa dhufuun karoora bara 2016 dabalatee bil. 23.41 kan gahu ta'a. Guddinni kunis dhiibbaafi hubannoon Inisheetivii Ashaaraa Magariisaa uummata biratti babal’achaa waan dhufeefidha. Gama uwwisa lafaatiin, hanga bara 2015'tti lafa heektaara miiliyoona 5.33'n kan geenye yoota’u, lafa heektaara miiliyoona 1.29 bara kanaaf qabame waliin uwwisa waliigalaa gara lafa heektaara miiliyoona 6.62 kan guddisu ta’a. Milkaa’ina yeroo dheeraatiif, babal’isni uwwisa lafaa itti fufinsa qabu murteessaadha. Gama biraatiin, adeemsi guddina hanga ammaa jiru mataa isaatiin, hojiin dhaabbii biqiltuu keenya gara bu’aa naannoo qabatamaatti dhufaa jiraachuu kan agarsiisuudha jedhan.

Milkaa’inni latinsa biqiltuu dhaabbatee ol’aanaa kan ture yoota’u, waggoota shanan darban giddugaleessaan %88.5 ta’eera. Milkaa’inni ol’aanaan kun tooftaalee raawwii bu’aa qabeessa hojiirra olchaafi kunuunsa taasisaa jiraachuu keenya kan ragaa bahuudha, akkasumas milkaa’ina

waliigalaa deebisanii bosonoomsuu (reforestation) eegumsa biyyeefi bishaanitiifis gumaacha kan taasisaa jiruudhas jedhaniiru.

Milkaa’ina inisheetivichaa hanga ammaa kanaaf hirmaannaan ummata keenyaa tumsa ijoo ture. Lakkoofsi hirmaattotaa waggaa waggaan haalan guddachaa kan dhufe yoota’u, bara 2015'tti miiliyoona 15.9 gahee ture. Bara kana namoonni miliyoonii 21.5 akka hirmaatan kan eegamu ta’a jedhanii, ida’ama waggoota jahaa, walumaagala namoota miiliyoona 80.5'n kan gahu ta’a.

Kunis, hubannoon hawaasni keenyaa hojii dhaabbii biqiltuu Ashaaraa Magariisaarratti qabu waggaadhaa gara waggaa dabalaa dhufuu kan agarsiisuudha. Gama biraatiin, hirmaannaa bal’aan kun dandeettii inisheetivichi deeggarsa hawaasaa bal’aa sochoosuu akkasumas tarkaanfii naannoo hiika qabu dammaqsuuf qabu kan cimsu ta’uus ibsaniiru.

Sagantaa dhaabbii biqiltuu Ashaaraa Magariisaa bara kanaa, milkaa’ina keenya caalatti calaqqisiisuuf qabame kana irratti Ummanni Naannoo Oromiyaa marti dammaqinaan akka hirmaattan maqaa kiyyaafi maqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin waamicha kabajaa dhiyeessuun barbaada jedhan. Akka naannootti, Hagayya 17 qofa biqiltuu miliyoona 520.5 dhaabuun ariitii imala keenyaa dabaluuf socho'aa kan jirru waanta'eef, mul’ataafi waadaa dhalootaa guddaa kana dhugoomsuu keessatti hirmaannaan keessan daran murteessaa ta'uu hubattanii harcaatii tokko malee bariin bahanii, dhaabbii irratti akka hirmaattan imaanaa jechuun ergaa dabarsaniiru.

Ergaa kana bu’uura taasifachuun; Sagantaa akka biyyaatti biqiltuu miliyoona 600 guyyaa tokkotti dhaabuuf qabame milkeessuuf dhaabbii biqiltuu golee Oromiyaa hundatti geggeeffameen karoora ol biqiltuu miliyoona 615.7 dhaabuun ulaagaa waardiyyummaa madaala naannoo haaraa kaa’uu dandeenyeerra jedhan Pirezidaant Shimallis.

Milkaa’ina guyyaa har'aa(Hagayya 17,2016) argame keessatti, Ummanni Naannoo Oromiyaa akkuma yeroo maraa shoora olaanaa taphateera.

Ummanni naannichaa, sagantaa kanatti obboeroon itti bahee waarii irraa galuun jaalala, mararfannaafi aantummaa akkasumas kutannoo biyyaafi naannoo magariituu arguuf qabu agarsiiseeras jedhan. Akkasumas, tokko tokkoon biqiltuu guyyaa kana dhaabamee naannoofi biyya keenyaf abdii, dandamannaafi waadaa egeree ittifufiinsa qabu bakka kan bu'uu ta'uus himaniiru.

Guyyaan seena qabeessi kun, gama tokkoon calaqqee hojii cimaafi cichoomina ummataati; gama biraatiin agarsiiftuu waliin taanan waan kamuu milkeessuu danda'uuti. Miira guyyaa kana biqiltuu dhaabuuf agarsiifne kana, ittifuuun biqiltuu dhaabne kunuunsuun akka dabaallu shakkii kan hinqabne ta’uus akeekaniiru. Namoota milkaa’ina seena qabeessa kanaaf gumaachan hundas Pirezidaant Shimallis galateeffataniiru.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Kadiir Mohaammad Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kennameef Nagahee duraa Lakk. isaa 250386 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameefi waan jalaa badeef,namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti tilmaamamee footoo koppii orjinaalaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan

Obbo Naafseenaa Baayiluu Dammaqaa Nagahee Lakk. isaa 0681050, 470957, Waliigaltee Liizii Lakk. WLKMDU fi Koodii 003/178/1205/15 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee Magaalaa Duukam keessatti kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni Ragaalee iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate jiru yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Duukamitti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam.

Maqaa Abbaa qabeenyaa Obbo Warqinaa Baqqanaa Konkolaataa Lakk. Gabatee isaa 01-60387OR kan ta’e Libireen (waraqaa abbaa Qabeenyummaa) waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni Libiree bade kana arge ykn dhimma gara biraatiif qaamni qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15 keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisaa, yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyyataaf libiree kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Ejensii Geejjibaa Bul/Magaalaa Walisoo.

Obbo Balaay Manbaruu Faxxanuu Nagahee Gibiraa kan bara 2011 Lakk. Nagahee Lakk. isaa 0902833 kan bara 2014 fi Lakk. Nagahee 0164733 kan bara 2016 na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni Nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegale guyyaa 10keessatti waajjira lafaa Magaalaa Muka Xurriitti akka deebistan ibsaa, guyyaa jedhame kana keessatti kan hin deebifne yoo ta’e tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Muka Xurrii.

Aadde Ayyalech Maammoo mana jireenyaa Magaalaa Fiichee keessa qaban kaartaa Lakk.isaa 1328/2718/92/97 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti akka deebisuu. Kana ta’uu baannaan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Fiichee

Obbo Tasfaayee Naggaa Dabalee mana jireenyaa Magaalaa Amboo ganda Horaa Ayyeetuu keessa qaban kaartaa Lakk. isaa **ኦ/ፖ** 374 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti akka deebisuu. Kana ta’uu baannaan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo

Obbo Zakkaariyaa Abbaas mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Haroorettii keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 102/2011 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii gaafataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Aanaa Haroorettii.

Obbo Guutamaa Kumsaa Magaalaa Hoolotaa ganda Galgal Kuyyuu keessatti mana jireenyaa galmaa’ee naaf kenname waraqaa ragaa qabiyyee Lakk.Kaartaa isaa WLMH/109216/15 kan ta’e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattanibsa, dhiyaachuu baannaan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Hoolotaa

MaqaaAbbaa QabeenyaaAyifokirAzzenee Kiroos Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti Lakk Gabtee 03-89361, Lakk. Shaansii JT121JK2200049582 kan ta’eefi Lakk. Motoraa 2kd-1882386 fi Lakk. Libiree 000464315 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Libireen waan jalaa badeef,namni Libiree kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate Libiree Kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Geejjibaa Bulchiinsa Magaalaa Galaan

Aadde Tsahaayinesh Qannoo Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanaan Aanaa Awaash Malkaa sa’aa keessa kan ta’an kaartaa qabiyyee lafa mana jireenyaa Lakk. isaa 10/T-101/0459/99 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa hojii 20keessatti haa dhiyaatu. guyyaa jedhamee kana keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan.

Obbo Alamaayyoo Damisee Nagahee Lakk. isaa 990853 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Malaakuu Katamaa Nagahee Lakk. isaa 033781 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

Obbo Tasfaayee Hordofaa Deetttii Ngahee Mirriitii Lakk. isaa 434551 kan ta’e maqaa Aadde Fallaqech Gizaawutiin galmaa’ee jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka buufnee hojjenne kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadaastaraa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Atsibahaa Marasaa Magaalaa Walisoo ganda Ayeetuu keessatti ragaan mana jireenyaa qaban kaartaa fi pilaanii Lakk.kaartaa W/1186/94 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu waan na jalaa badeef kaartaa fi pilaanii kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa fi pilaanii kanaa arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate kaartaa fi pilaanii manaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

Obbo Malaakuu Dirribaa Nagahee Lakk.isaa 1127567 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka buufnee hojjenne kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Tigistuu Ligaa Faataa Nagahee Lakk. isaa 1880882, Lakk. Galmee T-2160 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Abarraa Milkeessaa Nagahee Lakk.isaa 048685 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiruufi Kaartaa Lakk. isaa Bur/134/93 kan ta’e maqaa Aadde Askaalee Sookileetiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee hojjenne kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Dagaafuu Deebisaa Nagahee Lakk.isaa 1152313 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaa bada bakka bu’ee akka kenninuuf waajjira keenya gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka hojjenne kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Nabiiyyuu Takiluu Nagahee Lakk. isaa 990100 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Nuurii She Amaan Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk.isaa 500/84 ta’een maqaa isaaniitiin Magaalaa Mojoo ganda 01 keessatti galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Mojoo.

Aadde Obsee Nagaasaa Kaartaa Lakk. isaa S/0910/2013, Nagahee Lakk. isaa 0845536, Lakk. Galmee O-72 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Mana Galmee keessaa yeroodhaaf bakka jiruu argamuu waan hin dandeenyeef ragaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaa kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Abdoo Usmaa’eel Nagahee mirriitii Lakk. isaa 1891392 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa

Obbo Araggaanyi Kaffalenyi waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa Kaartaa Lakk. isaa 855/479/2003 ta’eefi 854/480/2003 ta’een galmaa’ee Magaalaa Sandaafaa Bakkee irraa naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii waan iyyataniif, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu isaa ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa BMS/Bakkee.

Sirreeffama
Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 29 Lakk. 29 Caamsaa 18 bara 2014 maxxanfamee baherratti beeksisa waa’ee nagahee bade Aadde Atsadee Abdataa Alamuu baasifatan keessatti Obbo Abdataa Alamuu jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta’eef Aadde Atsadee Abdataa Almuu jedhamee sirreefamee haa dubbifamu

Addisaalam Addisuu Kaartaa Lakk.isaa Bur/811/96/2 kan ta’e maqaa Maaramaa Abarraatiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee hojjenne kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Adam Abdisuutiif
Bakka jirtanitti
Himattuun Aadde Zahaaraa Tureefi Himatamaa isin gidduu falmii dhirsaaſii niitummaa jiru ilaalchisee isin himatamaan mana murtiitti kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/12/2016 sa’aa 8:00 irratti deebii keessan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera.
M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee.

Wallagga

Obbo Geetaachoo Hulluuqaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa Haroo Limmuu Ganda Gorbaa Guddinaa iddoo addaa Gurraataa jedhamutti hojii heyyama qorannoo albuuda dhagaa cilee “Coal” gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji’ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti haa dhiyaatu.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	195166	1078396
2	195232	1077546
3	195578	1077974
4	195641	1078186
5	195788	1078257
6	196593	1079304
7	195901	1079587
8	195522	1098882

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa.

Obbo Gammachuu Adimaasuu Magaalaa Yuubdoo ganda 01 keessaa qaban Lakk Kaartaa isaa 405/KT/2016 kan ta’e kaaree meetira 100M² irratti argamu Obbo Qabannaa Bashaanaatti dabarsanii gurgurachuu waan barbaadaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

Obbo Waggaarii Dabalaa Magaalaa Yuubdoo ganda 01 keessaa qaban Lakk Kaartaa isaa -- kan ta’e kaaree meetira 200M² irratti argamu Obbo Taarikuu Jaallataatti dabarsanii gurgurachuu waan barbaadaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

Obbo Tashoomaa Tolaa mana jireenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 02 keessatti argamu Lakk.kaartaa isaa 2229/LMHS/2016 ta’e bali`inni isaa 196M² irratti argamu dabarsanii Obbo Tasfaa Tashoomaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/ Sabbuu.

Aadde Sasinnaayit Gabrahiwootiif Bakka Jiranitti

Iyyataan Obbo Amaan Taaddaseefi waamamtuu isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee waamamatuun kun waan baddeef yoo jiraate bakka jirturraa akka naaf dhiyaattu, dhiyaachuu baannaan murtii badiinsaa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu waamamatuun kun yoo jiraate, beellama gaafa 05/13/2016 sa’aatii 3:30 irratti akka dhiyaattu beeksisaa, dhiyaachuu baannaan iyyataaf murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.M/M/A/Gimbii.

Obbo Hambisaa Olaanaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarraa ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa P-0827 fi lakk. kaartaa isaa 050WBILMQK2016 ta’e Obbo Hordofaa Addisuutti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf nu gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 tti kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kun kan raawwatuamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaaf itti fayyadama Lafaa Magaalaa Q/ Kaarraa

Iyyattoonni obbo Geetaachoo,Obbo Beekumaa, Aadde Balaayinesh,Aadde Malkaamee fi Obbo Tamsgeen Olaanii abbaan keenya obbo Olaanii Faradaa waan du’aniif dhaaltummaa isaanii mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarraa ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa P-0720 fi lakk. kaartaa isaa 101WBILMQK2016 ta’e Obbo Basha’aa Bulchaatti dabarsanii waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf nu gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 tti kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kun kan raawwatuamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaaf itti fayyadama Lafaa Magaalaa Q/ Kaarraa

Gaaddisee Baqqalaa mana jireenyaa magaalaa Bubbee ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartasaa 961/BMB/2016, ballinnisaa M² 200 irratti argamu Obbo Bulaa Hundee Tokkoonifi Aadde Addis Tufaa Dinkootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo Jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/Lafaa Magaalaa Bubbee.

Aadde Muluu Wayituu Xibabuu mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti ballinnisaa M² 323 irratti argamu Lakk. kaartasaa 224/79 kan ta’e kaartaan kun waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyaa 20 keessatti haa dhiyaatu yoo dhiyaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

B/b Obbo Tamasgeen Fiqaaduu kan ta’an Lattuu Guddataa mana jireenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Dolloo keessatti argamu lakk. kaartasaa 6886/WMLM/2007, ballinnisaa M²200 ta’e maqaa Obbo Tamasgeen Fiqaaduutiin galmaa’ee beekamu Obbo Salamoon Gannatii Ciibsaatti gurguratanii maqaan gara bitataattii akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/B/M/ Danbidoolloo

B/b Obbo Nagaraa Tamasgeeniifi Aadde Tigist Birhaanuu kan ta’an Obbo Taagoo Lammeessaa Galataa mana jireenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk. kaartasaa 12801/WMLM/2013, ballinnisaa M²200 ta’e maqaa Nagaraa Tamasgeeniin galmaa’ee beekamu bitatanii maqaan garasaaniitti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/B/M/Danbidoolloo

B/b Obbo Mulaatuu Guddataafi Aadde Qabbanee Dinqaa kan ta’an kan ta’an Obbo Habtaamuu Gajoo mana jireenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk. kaartasaa Bu/La/1151/200, ballinnisaa M² 367.5 ta’e maqaa Obbo Nigaatuu Guddataatiin galmaa’ee beekamu karaa bakka bu’aasaanii Aadde Abbabuu Hundeeniti gurguranii maqaan gara bitattuutti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/B/M/Danbidoolloo

Dhaaltota Obbo Hayilee BashaafiAadde Yirgaduu Ballaxee kan ta’an Obbo Tashoomaa Hayilee, Hazaalachi Hayilee, Tasamaayilish Hayileefi Obbo Yohaannis Hayilee mana jireenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Dolloo keessatti argamu ballinnisaa M² 300 lakk. kaartasaa 10992/8461/2011 ta’e maqaa duutuu haadhasaanii Aadde Yirgaduu Ballaxeetiin galmaa’ee beekamu dhaalaan gara maqaa Obbo Tashoomee Hayilee, Hazaalachi HayileeTasamaailishHayileefiObbo Yohaannis Hayileetti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/L/ B/M/Danbidoolloo

Biraanee Ballis kuusaansaanii mana hojii keenya keessaa qaban yeroof waan dhabameef tajaajila abbaa qabiyyummaa barbaadan kennuufii hin dandeenye. Kanaaf namni kuusaa kana arge jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo hin dhiyeessine tajaajilli barbaadan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Waasihun Nigaatuu mana jireenyaa magaalaa Naqamtee ganda 02 keessatti argamu lakk. kaartasaa 468/BOOAS/80 ta’eefi pilaaniin maqaasaaniitiin galmaa’ee beekamu bara 1995 Obbo Hayleyesus Qananiitti gurguranii kaartaafi pilaanichi harka bitataatti kennamee osoo harka bitataa jiruu maqaa osoo hin jijjiirratiin waan badeef, Obbo Hayleyasuus Qananiitti akka jijjiiramuuf gaafataniiru.Kanaafuu waliigalteen seera qabeessa bara 1995 raawwatameen jijjiirraan maqaa gara Hayileyasuus Qananiitti raawwachaa waan jiruuf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu yoo baate jijjiirraa maqaa kan raawwannu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Ittaanaa Waarjiifi Caaltuu Boggaalaa mana jireenyaa magaalaa Ulaa Baabuu ganda 01 keessatti argamu Tsaggaayee Jafaaroorfi Xurunash Goobanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ulaa Baabuu

Ittaanaa Waarjiifi Caaltuu Boggaalaa mana jireenyaa magaalaa Ulaa Baabuu ganda 01 keessatti argamu Aadde Muluu Ummataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ulaa Baabuu

Ittaanaa Waarjiifi Caaltuu Boggaalaa mana jireenyaa magaalaa Ulaa Baabuu ganda 01 keessatti argamu Asaffaa Gammadaafi Xaayituu Bulchaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ulaa Baabuu

Tamasgeen Zalaalam mana magaalaa Warra Jirruu ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M² 200 lakk. kaartasaa 316/ WL ta’e Barsiisaa Nigaatuu Karoorsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20tti keessatti haa dhiyaatu. W/L/M/Warra Jirruu

Obbo Baayyataa Taaddasaa mana magaalaa Warra Jirruu ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa 19, ballinnisaa M² 200 lakk. kaartasaa 415 ta’e Obbo Bultii Biraanuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20tti keessatti haa dhiyaatu.. W/L/M/Warra Jirruu

Obbo Gammachuu Oljirraa mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban lakk.kaartasaa D/225/2002, ballinnisaa M² 100 ta’e Obbo Eebbaa Kabbadeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni hayyamamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Abbabee Likkaasaa mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban lakk.kaartasaa mana jireenyaa / MJ/1200/2016, ballinnisaa M² 200 ta’e Aadde Misgaanee Qaabataatiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni hayyamamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Mangistuu Dabalaa mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartasaa mana daldalaa /2823/2010, ballinnisaa M² 125.4 ta’e Obbo Baaruu Mijjanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kennaan ni hayyamamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Wandimmuu Qannoo qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 02 keessaa qaban kaartaa Lakk.isaa 198/MMLMHS/2010 ta’e bali`inni isaa 242.65M² irratti argamu Obbo Xahaa Kumsaatti gurguranii gara maqaa isaaniitti jijjiiruu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Aadde Roobee Suutoo mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban kaartaa Lakk.isaa 76/ WBIFLMQ/2014 ta’e bali`inni isaa 312M² irratti argamu Obbo Dagguu Kumarraatti gurguranii gara maqaa isaaniitti jijjiiruu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Geetaachoo Mardaasaa Mana lakkoofisi isaa 1611 ta’efi Lakkoofsi kaartaa isaa 574 ta’ee Magalaa Warra jirruu ganda 01 keessaa lafaa bal`innisaa 200m² ta’e irratti argamu Obbo Bultii Jaarraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee hanga guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jirruutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jirruu

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Raawwii hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bara 2016

Xiinxala sadarkaa raawwii bu’aalee battalaa/hojiiwwan gurguddoo bara kana karoorfamanii

(Kan darberraa kan itti fufe)

Dandeettii himannaa mootummaarratti haqa malee dhihaatu ittisuu

Bara kana mootummaarratti himanni hariiroo hawaasaa dhihaatee falmamaa ture lakkoofsaan galmee 2389 kan tilmaamnisaa bil. 16.1 ol ta’een yommuu ta’u, kana keessaa kan murtii mana murtii argate galmee 1591 kan tilmaamnisaa bil.12.6 ol ta’edha. Kan murtii argate kana keessaa Abbaa Alangaaf ykn mootummaaf kan murtaa’e- galmeedhaan 1384 tilmaama qabeenyaatiin bil.12.4 (% 98.2) waan ta’eef dandeettiin ittisuu Abbaa Alangaa karoorri % 96 raawwiin % 98.2dha.

Rawwii galmee ol iyyannoo dhimmoota hariiroo hawaasaa

Agarsiiftuuwwan bu’aqabeessummaa hojii dantaa hariiroo hawaasaa ummataa kabachiisuu ta’anii karoorfaman keessaa kan biroo raawwii galmeewwan ol iyyannooti. Raawwiin gama kanaan jirus dandeettii murtii dogoggoraa jalatti kenname ol iyyatanii sirreessisuufi dandeettii murtii sirrii mana murtii jalatti kenname olittis itti fufsiisuuti.

Haaluma kanaan bara kana Abbaan Alangaa murtii mana murtii jalaa komachuun ol iyyatee kan falmaa ture galmeewwan lakkoofsaan galmee 275 kan tilmaamnisaa qar.991,816,518.8 yoo ta’u kana keessa kan murtii mana murtii argate galmee 217 kan tilmaamnisaa 831,926,581.9 ta’edha. Kan murtaa’e kana keessaa kan murtiin jalaa diigamee Abbaa Alangaaf murta’e galmee 130 kan tilmaamnisaa qar.574,396,018.57 yoo ta’u, murtiin jalaa kan cime ykn Abbaa Alangaatti kan murtaa’e galmee 87 kan tilmaamni isaa 257,530,563 ta’edha. Kanaafuu dandeettiin murtii dogoggora ol iyyannoon diigsisuufi fooyyessisuu Abbaa Alangaa karoorri 78 raawwiin % 72.1dha.

Gama biraatiin bara kana hanga ammaatti murtii jalaa komachuun ol iyyanni nama himatameen fudhatame lakkoofsaan 239 tilmaama qabeenyaatiin qar.2,204,291,870 yommuu ta’u, murtiin jalaa akka hin diigamneef falmii Abbaan Alangaa geggeesseen hanga ammaatti galmee murtii argate 201 kan tilmaamnisaa qar 1,601,724,246 ta’e keessaa murtiin jalaa cimee Abbaa Alangaaf kan murtaa’e galmee 119 tilmaama qabeenyaatiin qar.1,428,066643 waan ta’eef dandeettiin murtii jalaa cimsisiisuu Abbaa Alangaa karoorri % 90.75 raawwiin % 89.1dha

- **Si’oominni tajaajila abbaa alangummaa dabaleera**

Ergamni tajajila Abbaa Alangaa mirga haqa argachuun kan walqabtu ta’uu isaan haqni harkifate aragame immoo akka dhorkameetti tilmaama waan ta’eef milka’ina bu’aa waliigalaa tarsiimoon karoorfameef si’ominni tajajila kennamuu dhimma murteessadha.kanuma irraa ka’un bara kanaas biiroon Abbaa Alangaa si’omina tajajilaa kan duraarra fooyyessuuf hojjechaa kan jiru yommuu ta’u sadarkaan milka’ina bu’aa kanaa hanga ammaatti jirus kallattii agarsiiftuuwwan raawwiin bara kana karoorfamaniin yoo xinxalamu:

- Dandeettiin of harkaa qulqulleessuu galmee qormaataa karorri % 97.3 raawwiin % 97.39dha.
- Dandeettiin daangaa yeroo murtaa’e keessatti of harkaa xumuruu karoorri % 93 raawwiin % 95.3dha.
- Dandeettiin of harkaa xumuruu dhimmoota hariiroo hawaasaa karoorri % 100 raawwinis % 100dha.
- Dhibbantaan galmeewwan achi ce’anii karoorri % 7tti hir’isuu raawwiin % 9.1dha.
- Dandeettiin murtii kennuu gumii karoorri gumiin waligalaa % 85raawwiin % 100,kan gumii naannoo karoorri % 85 raawwiin % 95.6,Gumii godinaa karoorri % 85 raawwiin % 70.5
- Galmeewwan RTDn murtii argatan % 16tti guddisuuf karoorfachuun kurmaana kana raawwiin % 21 ta’eera.

Qulqullinni tajaajila abbaa alangaa dhimmoota yakkaarratti dabaleera

Bu’aan battalaa lammaffaan galtee bu’aa giddugaleessaa lammaffaaf karoorfame quqlqullina tajaajila Abbaa alangaa

gama hojii yakkaan jiru kan ilaallatudha.Qulqullinni hojii dhimmoota yakkaa milka’ina bu’aa waliigalaaf dhimma murteessaa ta’uu isaatiin raawwiin hojii gama kanaan jiru haala lamaan madaalamuuf kan karoorfame yommuu ta’u gama tokkoon post odiitii Abbootiin adeemsaa itti fufinsaa gaggeessan cuunfuuun ta’ee gama biraatiin immoo koreen hundaa’ee saamuda fudhachuun ulaagaa qophaa’een sakatta’insa gaggeeffamuun madaaluuf kan karoorfame ta’us sababa ulaagaan sakatta’insaa hin qophoofneef ammatti kan post odiitii madaaluun kurmaana lammaffaarratti garuu karaa guutuun kan madaallu ta’aa.

Haaluma Kanaan bu’aa battalaa kanaaf agarsiiftuuleen raawwii 15 kan karoorfaman yommuu ta’u agarsiiftuulee ijoon haala armaan gadi kanaan raawwiinsaanii xiinxalamanii dhihaataniiru.

- Qulqullina Deebiifi falmii galmee mirga wabii % 96tti guddisuuf karoorfannee raawwiin % 97dha.
- Hirdhachuu galmeewwan qoramaataa bu’uura sdfy keewwata 38/c gadi deebi’aniiirraa % 1tti hir’isuuf karoorfannee raawawiin % 1.7dha.
- Hirdhachuu himannaa yakkaa baname fooyyessuu % 1.8 hir’isuuf karoorfanneen raawwiin % 1.19dha.
- Falmii yakkaa irratti hanga murtii keewwata himannaa dhihaate gaditti murtaa’u % 3.tti hir’isuuf karoorfannee raawwiin keenya % 2.5dha.
- Dandeetti murtii balleessummaa kennisiisuu galmeedhaan karoorri % 96.5tti dabaluu ta’ee galmeen raawwii % 96 himatamaan immoo karoorri % 94 dabaluuuf karoorfannee raawwiin % 94.6 ta’eera.
- Galmeewwan bu’uura sdfy kew 141fi 149 bilisa bahan keessaa sakatta’insa murtii booda geggeeffamuun hir’achuu kanneen sababa hanqina qulqullina hojii Abbaa Alangummaan bilisa bahani karorri % 6tti hirdhisuuuf karoorfachuun raawwiin % 7.9dha.
- Galmeewwan dhimma yakkaa murtiin mana murti jalaa oliyyata himatamaan diigamuun murtii booda sakatta’aman keessaa hirdhachuun kanneen sababa hanqina hojii Abbaa Alangaan diigaman % 3tti hir’isuuf karoorfachuun raawwiin % 3.3 ta’eera.
- **Qulqullina tajaajila mirkaneessa, galmeessaa sanadootaafi kenna hayyamaa fooyya’eera**

Dameewwan akka Biiroo Abbaa Alangaatti sadarkaa itti Anaatti hogganaman keessaa dameen kenna tajaajilaa tokko yommuu ta’u Damee kana jalatti tajaajiloonni hoogganaman akka waliigalaatti haala kenna tajaajila mana hojichaafi caasaa isaa sadarkaan jiran, kenna tajaajila Abukaatummaafi haala naamusa Abukaatummaa, tajaajila Galmeessa ragaaleefi kenna hayyamaa,tajaajila deggersa seeraa harka qaleeyyiif Abukaatotaan kennamufi kkfti. Haaluma kanaan kenna tajaajilaa gama kanaan jiru hammayyeessuuf bara kana sadarkaa birootti moosajii kanaaf oolu kan bara darbe misooma guutummaan hojiiirra oolchuun Abbaan dhimmaa odeeffannoo raga galmeeffachuu barbaaduu fii galmeeffatee nu biraa qabu haala salphaan argachuu akka danda’uu gochuun akkasumas raga sobaa ittisuun danda’ameera.

- **Tajajila galmeessa ragaaleef kenna hayyamaa fooyyessuu ilalachisee**

Waliigalteewwan akka bakka bu’insa galmeessuufi haquu, hayyama Abukaatoofi barreessitoota dhimma seeraa kennuuf haaromsuu, qaboo yaa’ii mirkaneessuu,waldaalee daldalaa galmeessuufi waliigalteewwan adda addaa galmeessuun waliigalaan waliigalteewwanfi hayyamoota mirkanaa’an 229,940n tajaajilamtoota 579,756 keessummeessuun gali qar.44,890,289 mootummaaf galii gochuun danda’ameera. Kurmaana araffaa bara kana gara jalqabaarratti qajeelfamni kafaltii kenna tajaajilaa bahee hojiiirra ooluu isaatiin galiin tajajila kanarraa argamu haalaan dabaleera,Tajajila gama kanaan kennamu hammayyeessuuf bara kana sadarkaa birootti moosaajiin tajaajila kanaaf oolu guutummaatti kan hojiiirra oole yommuu ta’u sadarkaa godinaaleefi Aanaaleerrattis

moosaajiin kun haala gariin hojiiirra oolaa jira. Si’oominaafi qulqullina tajaajilaa fooyyessuuf hojii itti fufinsaan hojjetamaa tureen raawwiin jiru qulqullinni karoorrii % 98.5 raawwiin % 98.75 yoo ta’u, si’oominni tajaajilas karoorri % 99.5 raawwiin % 100dha

Qulqullina tajaajila hojii abukaatummaa fooyyessuu

Bara kana qulqullina hojii Abukaatummaa fooyyessuuf yaa’ii Abukaatotaa akka naannootti qindoomina Waldaa Abukaatota naannoo oromiyaa waliin ta’uun gaggeeffamerratti Abukaatota naannoo oromiyaa keessatti hayyama baafatanii hojjechaa jiran 1810 keessaa 1660 (% 91.7)hirmaachisuun barreeffamni haala tajajila ogummaa Abukaatummaa naannoo oromiyaa ibsu Biiroo Abbaa Alangaatiin qophaa’uun rakoollee fi hanqinoota naamusaa ogummaa kana ilaalchisee muudataa jiru irratti gadi fageenyaan mari’atamee kallattiin kennameera. Abukaatota hayyama haaraa baafachuuf iyyatan 240f qormaadni gahumsaa kennamuun kan qoraman keessaa63 (% 26.25) qofti waan darbaniif warri darban qofti hayyama fudhachuu akka qaban taasifameera. Kun immoo qulqullina hojii abukaatummaaf gumaacha guddaa waan qabaatuuf ogummaan abukaatummaa foyya’insa sirna haqaaf gumaachuu akka danda’u kan dandessisudha.Walumaagalatti bara kana ogeessotni seeraa dhiirri 286, dhalaan 13 walitti ogeessota 299f hayyamni Abukatummaa haaraan kennameera.

- **Badii Naamusa ogummaa Abukaatummaarratti mudatuuf itti gaafatamummaa mirkaneessuu**

Bara kana himannaan badii naamusa Abukaatotaa gumii Abukaatotaaf dhihaatee itti gaafatamummaa mirkaneessuuf falmirra turame waliigalaan 87 yommuu ta’u 56 murtii gumi adabbii gosa adda addaa ta’ee abukaatotni 11 ammoo badii qabaachuun isaanii waan hin mirkanoofooneef falmatanii badii naamusaarraa bilisa jedhamaniiru.Adabbii badii naamusaa gumii Abukaatotiin murta’e kanarraas adabbiin maallaqaa qar.200,500.00 mootummaaf galii ta’eera.

Dabaluu qulqullina tajaajila abbaa alangummaa dhimmoota hariiroo hawaasaa

Qulqullinni tajaajila dhimoota hariiriiroo hawaasaa baayina tajaajila kennamee, dandeettii mo’achuu, baayina gorsa seeraa qaama raawwachiiftuuf kennamuu fi dabaluu qulqullina hojiin kan madaalamudha. Haaluma kanaan raawwiin hojii kanaa kallattii agarsiiftuuwwan karoorfamaniin yoo xiinxalamu:

- **Gulaallii waliigaltee Piroojektotaa mootummaan qaama biroo waliin taasisu**

Waliigaltee mootummaan qaamota adda addaa waliin taasisu keessatti dantaan uummataa akka hin miidhamneef waliigaltichi uulaagaa seeraa kan gutte ta’uun isaa gulaalamuutu irra jiraata.Keessumaayyoo bu’a qabeessummaa projectoota gurguddoo mootummaan raawwataman mirkaneessuu keessatti qulqullinniifi ulaagaa seeraa guutuu danda’uun waliigalteewwan projectootaa dhimma ijoo waan ta’eef waliigalteewwan gurguddoo mootummaan qaama biraa waliin taasisu gulaaluun ergama Biiroo Abbaa Alangaa waan ta’eef dhimmichi sadarkaa hundatti xiyyeeffannoo argachuun raawwatamaa tureera. Haaluma kanaan:

- Sanadni ykn maanuwaaliin piroojektiin ijaarsaa adeemsa caalbaasiif dhiheessuu kaasee hanga waliigaltee hojiiirra oolchuutti bulaa ture duraan afaan ingiliffaan qofa qophaa’ee kan jiru qindoomina Biiroo Maallaqaa waliin uumameen afaan oromooti jijjiiramuun bara kana jalqabaaf Biiron Abbaa Alangaa waliigalaa Piroojektii ijaarsa gamoo Abbaa darbii lamaa waajjira Godina Shawaa Kibba Lixaaf hojjechise irratti hojiiirra oolcheera
- Waliigalteen piroojektiwwan dhihatanii gulaalaman karoorri 3500 raawwii 4398dha.Waliigalteen wixineeffame ammoo karoorri 340 raawwiin 507dha
- Danbiin hojiin dantaa hariiroo hawaasaa kabachiisuu bara kana kan mirkanaa’e jiru waan ta’eef harcaatiin waliigalteewwan projektii gulaaluu kanaan dura ture ni furama.

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir’isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Daa’ima harma hoosisuurratti odeeffannoolee beekamuu qaban

*Dh*aabbilee fayyaa, miidiyaalee hawaasaafi kanneen biroo keessatti nyaanni daa’imman reefuu dhalataniifi aannan harma haadhaa akka bakka bu’utti, aannan biroon harma haadhaa irra fooyyee akka qabuufi harma haadhaarra caala jedhanii beeksisuun dhorkaadha.

Kan amalees, soorri daa’imman reefuu dhalatan kamiyyuufi meeshaaleen daa’imman kunneen itti sooratan kanneen akka xuuxxoo,fiixee xuuxxoofi xuuxxoo haadha biddeena mala quunnamtii kamiiniyyuu beeksisuun dhorkaadha.

Beeksifni soorata daa’imman guddattoota kamiyyuu aannan harma haadhaa irratti akka dabalataatti kan kennamu ta’uu isaa ibsuu qaba. Sooratni daa’imman reefuu dhalataniifi guddattoota waa’ee faayidaafi barbaachisummaa sooratichaa beeksisuuf suura haadholee ykn daa’immanii ykn barreeffama biroo waa’ee kanaa kan ibsu fayyadamuunis kan hayyamamu miti.

Sooranni daa’imman reefuu dhalataniifi guddattoota kamiyyuu ykn beeksisni soorata dabalataa daa’immanii suuraa daa’immanii fayyadamuun ykn karaa biroofikana kanneen fakkaataniin ergaa kan dabarsu ta’uu hin qabu.

Waa’ee soorata daa’imman reefuu dhalataniifi guddattoota kamiyyuu ilaalchisee ragaan viidiyoon ykn sagaleen tamsa’u hundi aannan harma haadhaa soorata daa’immanii kamiinuu bakka buufamuu kan hin dandeenye ta’uu kan ibsu ta’uu qaba.

Haadholeen bakka hojiisaaniitti yeroo deebii’an aannan harmasaanii keessaa elmanii olkaa’uun namni daa’imasaanii isaaniif kunuunsu akka obaasu gochuu ni danda’uu.

Aannan harmasaanii elmanii olkaa’uun yeroo mana hin turretti daa’imasaaniirraa aannan harmi akka addaan hin citne taasisuu ni danda’u. Harmi haadhaa elmame kun garuu, sa’atii 8 keessatti fayyadamamuu qaba. Dabalataanis, yeroo mana turanitti daa’imnisaanii faayiidaa aannan harma haadhaa irraa argachuu qabu akka argatu hanga danda’an hunda daa’imasaanii hoosisuu qabu.

Bu’uura jireenyaa kaa’uu

Daa’ima reefuu dhalatan harma hoosisuun battaluma daa’imni dhalate/tteen sa’aatii tokko keessatti jalqabuu qaba. Sababnisaas;

- Daa’imni silga haadhaa kan sooratan qabiyyee dhangala’aan guutaman qabuufi kan humna dhibee ofirraa ittisuuf gargaaru of keessaa qabu akka argatuuf waan gargaaruufi.
- Daa’imni dandeettiifi fedhii sa’atii tokko keessatti harma hodhuuf uumaman argatetti fayyadamuuf akkasumas harmi haadhaa aannan gahaa akka oomishu ni gargaara.
- Sa’aatii tokko kan jalqabbii jireenyaa taate kana keessatti aannan harma haadhaatiin alatti dhangala’oo biroo ykn aannan birookennuun daa’immaniif kennuun jiruusaanii itti aanu keessatti faayidaawwan kana akka hin arganne waan taasisuufi.
- Kanaafuu, daa’imman akkuma dhalataniin (osoo obbaatiin hin bu’in yoo ta’es battalumatti lapheetti maxxansanii qabuu, boodas dursa hidhii



daa’imaa fiixee harma haadhaatiin tuttuquudha. Itti aansuunis, afaan daa’imaa banamutti daa’ima ofitti qabuun harma afaan kaa’uudha.

Bu’uura gaarii ijaaruuf ji’oottan ja’a jalqabaatti daa’imman aannan harma haadhaa qofa akka sooratan taasisuudha

- Ji’oottan ja’a jalqabaa keessatti daa’imman soorataafi bishaan guddina isaaniitiif barbaachisu hunda aannan harma haadhaa keessaa qofa argachuu ni danda’u. Kanaafuu, hanga umuriin isaanii ji’a jaha guututti aannan harma haadhaa qofa hodhuu/soorrachuu qaba. Kana jechuun, aannan harma haadhaa, qorichaafi vaayitaaminoota ogeessa fayyaatiin ajajamuun alatti hoomaayyuukennuufiin tasuma hin gorfamu. Fakkeenyaaf daa’ima reefuu dhalaniif kanneen akka aannan bu’aalee beeladootaafi warshaalee, soorata, dhangala’oo bishaaniifi kanneen biroo gonkumaa hin gorfamu.
- Ji’oottan ja’an jalqabaa jechuunis guyyoota 180 keessatti aannan harma haadhaatiin ala wantoota biroo daa’imman reefuu dhalataniif kennuun ga’umsa harmi haadhaa aannan itti oomishu akka xiqqaatu taasisuutti dabalataan daa’imni dhibeewwan adda addaatiif akka saaxilaman taasisa.

Daa’ima harma haadhaa sirriitti hoosisuun murteessaadha

Daa’ima harma haadhaa sirriitti hoosisuu jechuun:-

- Daa’imni guyyaafi halkan hamma dandeessan ammaa amma harma haadhaa hoosisuun harmisaanii akka aannan mirgisu kan gargaaruufi dabalataanis harmi haadhaa garmalee mirgisuun guutee dhukkubbiin akka itti hin dhagaa’amneef ni gargaara. Daa’imni dabalataan hodhuu barbaaduun isaa mallattoo haala gaariin guddachaa jiraachuu isaa/ishee kan agarsiisuudha.
- Harmi haadhaa garmalee mirgisee akka hin guutne sa’atiin harmi itti hoosisuu qaban darbuu hin qabu, haadholeen daa’imni osoo hin hodhiin yoo hafes hamma ta’e irraa elmuun harmisaanii akka lallaafu taasisuu qabu. Aannan harmaa eelmamus meeshaa qulqulluutti naqanii sirriitti qadaadanii kaa’uun daa’ima sooruun ni danda’ama. Garuu, aannan harmaa elmame sa’atii 8 ol turuu hin qabu.

Daa’imni sirriitti harma hodhaa jiraachuu beekuuf qabxiilee hubatamuu qaban

- Garaan daa’imaa gara haadhaatti fuuleffachuu
- Mataafi qaamni daa’imaa sarara tokkotti sirriitti ciqilee haadhaa irraa hammatamuu

- Qaamni daa’imaa guutumaan guutuutti hammatamuu

- Funyaan daa’imaa kallattii fiixee harma haadhaatti ta’uu

- Halli daa’imni ciqilee haadhaatti hammatame sirrii yoo hin taane ykn dhukkubbiin yoo isinitti dhagaa’ame daa’ima suuta of eeggannoon harma lakkisiisuun keessa deebiin jalqabsiisuun barbaachisaadha.

Daa’ima harma hoosisuuf sirriitti hammachuu mirkaneeffachuu

- Afaan daa’imaa sirriitti banamee qaamni fiixee harmaa inni gurraachi harki caalaan afaan daa’imaa keessa galuu qaba.

- Hidhiin daa’imaa inni kallattii gadii gara alaatti garagaluu qaba

- Areedni daa’imaa harma haadhaa tuquusaa
- Boquun daa’imaa aannaniin guutamaa jiraachuusaa
- Gidduu gidduutti dhaabaa sirriitti hodhaa jiraachuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaadha.

Daa’imni aannan harmaa gahaa hodhaa jiraachuu beekuuf

- Daa’imni guyyaatti yoo xiqqate yeroo 6 fincaan fincaa’uu qaba/qabdi
- Ulfaatinni qaama daa’imaa dabalaa jiraachuusaa
- Halluun fincaan daa’imaa kan baayyee boora’aa hin taaneefi foolii jabaa hin qabne ta’uusaa hordofuu

Ergaalee ijoo dabalataa harma hosiisuun walqabatan

- Haadholeen yeroo daa’imasaanii harma hoosisan dhukkubbiin isinitti dhagaa’amuu hin qabu.
- Yeroo harma hoosisanitti fiixee harmasaanii irratti madaa’uun yoo isaan mudate aannan harmasaanii keessaa ba’u itti dibuun qilleensaana akka qooru taasisuu qabu. Kunis, baqaqni harmasaanii akka fayyu taasisa. Madaa harmaa fayyisuuf jecha yoo ogeessaan ajajame malee kireemiifi dibata kamiyyuu fayyadamuun hin gorfamu.
- Afaan daa’imaa keessaa madaan ykn qunca’insi jiraachuu isaa xiyyeeffannoo kennanii yeroo yeroon hordofuu, umuriin daa’imaa ji’a ja’a guutuu, soorata dabalataa qulqullinnisaa eegame, qabiyyee dhangaalee nyaataa olaanaa of keessaa qabu kan of eeggannoon qophaa’e kennuufiin barbaachisaadha.
- Haadholiin hanga umuriin daa’imasaanii waggaa 2fi isaa ol ta’utti harma hoosisuu itti fufuu qabu

Daa’ima reefuu dhalatu/ttu sirriitti harma hoosisuu keessatti deggersi abbaa warraafi maatii iddoo olaanaa qaba

- Ijoolllee kunuunsuufi guddisuu keessatti gaheen haadholii olaanaa yoo ta’u, ta’us, hojiin akka itti baay’atu kan taasisuufi hirmaannaa hojiilee biroo keessatti isaan qaban kan xiqqeessuudha.
- Fayyaafi guddina daa’imasaaniitiif abbaan warraafi haati warraa qooda olaanaa qabaatu.
- Abbaan warra(maatiin) deggersa akka taasisan gochuun yeroon harma jalqabsiisuu, ji’oottan itti fufsiisuun dachaa lamaan akka dabaluu ni gargaara.

Maddi: Biiraa Fayyaa Oromiyaa

Bulchiinsa gaarii mirkaneeessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



Pirezidaantiin MNO Obbo Shimallis Abdiisaa . . . Oromiyaatti . . .

damboobaa ta'eera.

Waggaa shanii as ammoo, Irreechi Hora Finfinnee haaromee, magaalaa guddoo fi handhuura Oromiyaa, Magaalaa Finfinneetti kabajamuun madda gammachuufi milkii miliyoonotaa ta'aa jira.

Har'a Irreechi duudhaa yaadatamu qofa osoo hintaane, hambaa kiliyaafi taatee addaa muuziqaa, faarfannaa, hurrisaafi miira tokkummaa cimaa ta'een jiraatamuudha.

Akkasumas, gara ayyaana guyyaa galateeffannaa biyyoolessaafi kaarniivaala gammachiisaa namni kamuu keessaaf alaa waloon irratti hirmaatuufi jaalalaan itti wal affeerutti ce'eera.

Akkaataa har'a Irreechi harka diriirsee nama kamuu simatu arguun heddu kan nama boonsuudha.

Namoonni dudduubee garagaraafi sabaan Oromoo hintaanellaa kabaja ayaanichaa irratti hirmaachuu qofa osoo hintaane, faajjii naggaa, walmararfannaa, milkiifi tokkummaa taasisuun fudhachaa jiru.

Golee Itoophiyaa hundarraa, namoonni hedduun Irreecha ulfeessuuf, eebba isaa irraa hirmaachuuf, akkasumas ulfina hin sheeyinofne kanarratti ummata keenya walalchuuf tokkummaan argamaa jiru.

Irreechi madda isaa ummata Oromoo bira darbee, sabootaaf mallattoo abdii, ofkaltiifi araaraa ta'eera. Wanti ajaa'ibsiisaan biraa, Irreechi daangaa Oromiyaafi Itoophiyaa qaxxaamuruu isaati.

Bara darbe, obbloonni keenya Oromoo biyya Keeniyaa, daangaa idil-addunyaa ce'uun nuwaliin hirmaachuun gamtummaa cimaa qaban nuuf ibsaniiru kan jedhan Obbo Shimmallis ergaa miidiyaa hawaasummaasaaniin bara kana ammoo Oromoon addunyaa mararra jiru ayyanichaaf fuula isaa gara lafa eenyummaasaatti akka deebifatu abdanna.

Irreechi ummata Oromootiif faajjii tokkummaa daangaa siyaasaa, bakka jireenyaa, amantaafi ilaalcha siyaasaa

caalu ta'eera, haata'u malee, qaamni murteessaan ammallee guutummaatti qooddataa eebba kanaa hintaane nijira diyaaspoora Oromooti.

Argamuun diyaaspoora Oromoo deebii dhumaa hibboo keenyaati. Kanaaf akka dhala Oromoo daangaa addunyaa maratti faffaca'etti, hirmaannaan keessan hirdhuu kabaja ayyaanicha guuta; fageenyi kamuu walitti dhufeenya hambaa, aadaafi eenyummaa ummata keenyaa waliin qabnu kan hin hirdhisne ta'uu agarsiisa jedhan.

Oromoota idil-addunyaa gidduutti mallattoo tokkummaa oljiraa ta'ee tajaajila. Waan ta'eef, dhaloota lammaffaa diyaaspoora Oromootiif waamicha onnee irraa madde addatti isiniif dabarsuun barbaada.

Kun waamicha hirmaannaa ayyaanichaa qofa miti; affeerree kadhaa hundee keessan waliin deebitanii akka hidhata ummattan isiniif taasisuudha.

Mee Hora Harsaditti, dha'annaa onnee waloo Oromoota miliyoonotaa, uffata kuula gargariin dirame uffatan, sirba sagalee kilolee, faarfannaa "Mareehoo, hursa fi qawwisaa, ifa boooqaa Birraa, qilleensa lallaafaa nama qirqirsu, urgaa Abaaboo Birraa haaraa daraaree iddoofi sa'aa tokkotti argamu keessatti ofyaadaa.

Mee akkuma abbootiin keessan jaarraa hedduuf raawwataa turan, yeroo marga magariisa bishaan qulqulluu keessa cuuphuudhaan walitti dhufeenya yabuu lafaafi Waaqa waliin qabdan haaromsitan ofyaadaa.

Irreechi kakuu jiraataa kan darbeefi kan jiru, abbootiifi dhala keessan egeree riqicha ta'ee walqunnamsiisuudha.

Yeroon gara lafa eenyummaa keessaniitti imaltan amma ta'uu kan qabu kanaafi. Imalli kun feestivaala irratti hirmaachuun achitti, hidhata hundee ofii haaromsuudha; carraa hubannoo eenyummaa ofii dhugaa waliin qabnu jabeessuudha.

Carraa magaalotaafi gandoota Oromiyaa yeroo ta'e abbaafi akaakayyuun keessan itti horanii

horsiiisan, naatoo teessuma lafaa, faaruu sinbirrootaa, akaakuu biqilootaafi bineensotaa hanga sirboota, walaloofi afoola isaanii keessatti siniif caqasaa turan ijaan arguuti.

Irreecha 2024 irratti nuwaliin hirmaachuun ayyaana tokko qofa qooddachuu miti; qaama seenaa hambaa jiraataa yeroofi hirbuun umamee ta'uudha, akkasumas, walitti hidhamiinsa Oromoo, Oromiyaadhaa hanga golee addunyaa fagootti jiru jabeessuudha.

Irreecha 2024 irratti argamuun, hidhata hidda keessan waliin qabdan deebistanii happeessuu qofa osoo hintaane, dhaloota dargaggoota Oromootiif xombora kaka'umsa ta'aa.

Kabaja eenyummaa keessaniif qabdaniin, kutaa addunyaa garaagaraa irraa imaltanii dhufuun keessan, humnaa fi icciitiin Oromummaa dilbii ta'uu kan itti agarsiisuudha. Dachee keessanitti fuula deebifachuun keessan, hafuura tokkummaa, kutannoofi abdii dhaloota biyya jiruu kan haromsu, akkasumas egereen keenya michichila amansiisarra dhaabbatee caalaatti akka mul'atu kan misiraachuudha.

Imalli kun, baay'ee keessaniif carraa addaa gara qe'ee biyya abbaa keessaniitti deebi'uu kan banuudha. Ayyaana ulfoo kana nuwaliin qooddachuun, milkii Irreechaa hundee eenyummaa keessanii ishee dhugaatti deebi'aa.

"Gamtaan taanee ofkaltii darbeef galata dhiyeessinee, abdii egereef waadaa gallee, yeroo milkaa'ina ummata keenya waliin haromsinu haataasifannu.

Irreechi isiniin guutuu ta'a; malkaan isiniin miidhagaa kootaa! nuti gama keenyan, fuula ifaafi miira obbolummaatiin, biyya abbaa keessaniitti isin simachuufi isin keessummeessuuf qophoofnee isin eegaa jirra" jedhan.

Irreechaa bara 2024 mararfannaan akka waliin oollu, maqaa kiyyaafi maqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin waamicha kabajaa isiniif dhiyeessuun barbaada jedhan

18 gad ta'ee adabbii hidhaa itti murtaa'e keessaa 1/4 hidhamaniifi dubartoota daa'imman qabatanii mana sirreessaa jiran keessaa yookiin dubartii ulfa taatee ulfishee baatii 4fi isaa ol ta'uu ragaa yaalaatiin mirkanaa'ee adabbii hidhaa itti murtaa'e keessaa 1/4 kan hidhamaniif dhiifamni taasifamu haala addaatiin kan isaan ilaallatu ta'uus Obbo Guyyoon ibsaniiru.

Sirreeffamtoota Seeraa umriinsaanii dhiira yoo ta'e waggaa 65fi sanaa ol akkasumas dubartii yoo taate waggaa 60fi sanaa ol ta'uun adabbii hidhaa itti murtaa'ee keessaa 1/4 kan hidhamaniifi adabbii umrii guutuu kan itti murtaa'e ammoo waggaa 10fi sanaa ol kan hidhaman yoo ta'e haala addaatiin dhiifamni taasifamu kan isaan ilaallatu ta'uus eeraniiru.

Gama biraatiin immoo sirreeffamtoonni seeraa yakkoota bu'uura Heeraa Mootummaa FDRI fi Naannoo Oromiyaa keewwata 28tiin dhiifama kennisiisuu hin dandeenye raawwatanii kan adabaman, sirreeffamtoota seeraa murtii du'aatiin adabaman, kanneen dhiifamaan erga bahanii booda yakka kamiyyuu kan raawwate, sirreeffamtoota seeraa deddeebi'oo ta'an, butii, dirqisiisanii gudeeduu, saal-qunnamtii daa'imman dubaraa yookiin dhiiraarratti raawwachuu, malaammaltummaa, kontirobaandiifi daldala seeraan alaan himatamanii adabaman dhiifamichi kan isaan hin ilaallanne ta'uus Obbo Guyyoon himaniiru.

Sirreeffamtoonni seeraa dhiifamni taasifameef kunis carraa argatan kanatti fayyadamuun uummatatti yoo makaman naamusa cimaadhaan hojii misoomaafi nageenyaa keessatti hirmaatanii maqaa gaarii ijaarrachuun dargaggoota biroof fakkeenya ta'uu akka qaban dhaamaniiru.

Magaalaa Shaggaritti tajaajila . . .

haqa qabeessa akkasumas qaqqabamaa ta'e akka argatuuf xiyyeeffannaa kennameen hojiileen fakkeenyummaa qaban hojjetamuuf ammallee hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Hojii tajaajilicha dijiitalessuu magaalichatti jalqabameenis abbaan dhimmaa bakkuma jiru taa'ee himatasaa dhiyeeffachuun yeroo qisaasuufi dhamaatii xiqqaessaa dhufuun hojii akka fakkeenyaatti eeramanidha.

Ittigaafatamaa Waajjira Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Obbo Oliyaad Yaaddessaa maricharratti tajaajila Manneen murtii teekinoooloojiin deggeruun tajaajila kennamu qaqqabamaa, haqa qabeessa taasisuu, dhamaatii ummataa hambisuufi olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa waan guutuu Oromiyaatti cimaa itti fufa jedhan.

Obbo Kumalaa Buusaa magaalichatti tajaajila manneen murtii qulqulluu, si'ataafi qaqqabamummaa taasisuun ummanni tajaajila haqa qabeessa akka argatuuf hojiin

'Moosaajii' misoomsuun tajaajila manneen murtii dijiitalessuu, dandeettii raawwachiisummaa abbootii sseraa cimsuun baasiifi dhamaatii tajaajilamtootaa xiqqeessuurratti hojjetamaa jiruun bu'aa gaariin argamsuu jalqabeera jedhan.

Bara bajataa 2016 xumurame keessatti galmeewwan kuma 40fi 490 dhiyaatan keessaa harki 96 murtii argataniiru jedhan.

Ummanni Oromoo duudhaasaa ganamaatti akka deebi'uuf magaalichatti hojiin Manneen murtii aadaa babal'isuufi cimsuurratti hojjetameen bu'aaleen gaariin argamaa jiraachuus Obbo Kumalaan himaniiru.

Qaamolee muraasa tajaajila dijiitaalaan kennamuu eegale gufachiisuu barbaadan sakatta'uun tarkaanfi fudhachuu, malaammaltummaafi nageenyarratti ammas qindoominaan irratti hojjechuu barbaachisa jedhan.



Hirmaattonni Yaa'ichaas yaada kennaniin hojiin Manneen Murtii Magaalaa Shaggaritti kenniinsa tajaajilaa dijiitalessuurratti eegalame fakkeenyummaa kan qabuufi Naannoo Oromiyaattis babal'achuu qabudha jedhaniiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!

Bohaartii

Ogummaa miidhagina dabaluu

Haannaa Addaamuu jedhamti.Finfinneetti dhalattee guddatte.Yeroo ammaa Finfinnee keessa dabalatee Oromiyaa bakkeewwan addaa addaa deemuun ogummaa miidhaginaa barsiifti. Ogummaan miidhaginaa karaa ammayyaa’aa ta’een fayyaa namaa osoo hin miidhiin itti fayyadamuuf ogummaasaa leenji’uun barbaachisaa ta’uu dubbatti. Nama ogummaasaa hin qabneen meekaappii hojjechiisuun fayyaa namaa miidhuu danda’a.Waa’ee imala ogummaashee kanarratti BBC waliin turtii taasifteen “Milkaa’eera jedheen yaada” jechuun himti.

Haannaan dursitee barnoota kompiitaraatiin leenji’uun, yeroo xiqqoof ittiin qacaramtee hojjettus, yaanniifi qalbiinshee ogummaa miidhaginaa (makeup) bira waan tureef garasumatti akka luucceffatte himti. Finfinnee mana barnootaa Akkaadaamii Miidhaginaa



Joordaan jedhamutti ji’a tokkoof ogummaa meekaappii hordofte. Ogummicha barachuuf qarshii kuma jaatamii afur akka kaffalte kan himtu, Haannaan boodarra akkaadaamii miidhaginaa gatii madaalawaadhaan barsiisu Finfinneetti hundeessuun hojii eegalte.

Akkaadaamichis, Afaan Oromootiin barnoota kennuusaatiin kan hangafaa ta’uu kaasti. “Ani ji’a tokkotti kuma jaatamii afur kaffaleen baradhe. Otuma fedha qabaataniillee deemanii waan sana kaffalanii barachuu hin danda’an” kan jettu shamarreen kun, shamarran ishee bira dhufanii kuulaman ogummicha barachuuf fedha qabaachuusaanii ibsiti.

Tik-Tok irrattis akkaataa itti meekaappiin hojjetamu dalagdee yeroo maxxansitu garmalee akka ilaalame itti dabaluu dubbatteetti. Yeroodhuma barataa turtee eegaltee yaada ogummaa kana barsiisuu akka qabdu

kan kaastu, Haannaan fedhii namootaafi haala gabaas ilaaluudhaan akkaadaamii miidhaginaa banuu himti.

Hojiin ogummaa miidhaginaa barsiisuu “Hojii baay’ee sitti tolu, si milkeessudhas,” jechuun hojichatti milkaa’ina argachaa jiraachuus dubbatti. Manni ‘Hani Beauty Academy’ (Haannii Akkaadaamii Miidhaginaa) jedhamu Finfinneetti banuun ogummaa Meekaappii, qeensaafi baallee ijaa (eyelash)’tiin leenjisaa jirti.

Hanga ammaatti namoota saddeetiif carraa hojii uumuu dandeesseetti. Barattoota ogummichaan leenji’aa turan 100 ol leenjisuun eebbisiisteetti. Magaalota Oromiyaa biroo kan akka Naqamtee, Amboo, Bishooftuufi Iluu Abbaaboorittis babal’isuurratti argamti.

Madda-BBC Afaan Oromoo Waxabajjii 5 bara 2024 (ALAtti)

Shawaa

Beeksiisa Calbaasi Ifaa

Mootummaa Naannoo Oromiyaatti komiishinii Tuurizimii Oromiyaa Caalbaasii Ifaan hojii tajaajilaa Sagantaa qopheessuu (Event Organization) akka armaan gadiitti dhaabbata hojii kanarratti bobba’an wal-dorgomsiisee hojjachiisuu barbaada.

Ulaagawwan Dorgomii.

- Eeyyema bara 2016/17 kan haaromfate ta’ee gibira Mootummaa kaffalee raagaa dhiyeeffachuu kan danda’u .
- VAT galma’aa kan ta’e ragaa kan dhiyeessu
- Ragaa {TIN} dhiyeessuu kan danda’u .
- Dorgomtoonni sanada caalbaasii **faayinaansii** fi **teekinika** isaa addan baasuun poostaa lamaan saamsamuun chaappaan kan mirkanaa’e dhiyessuu kan danda’u
- Dorgomtoonni caalbaasiichaa gatii dorgomii hanga dhiyeessan irraa kabachiisa caalbaasii % 0.05 baankiin kan mirkanaa’e (CPO) qabsiisuu kan danda’u
- Mo’ataan caalbaasichaa bakka komiishinichi filatetti deemee hojjechuu fedhii kan qabu
- Mo’ataan caalbaasichaa yeroo walii galtee mallatteesse keessatti hojjatee xumuruu kan danda’u.
- Dorgomtoonni caalbaasichaa guyyaa beeksifni kun Gaazexaa Kallachaa Oromiyaarratti maxxanfamee bahee guyyaa gaafa **23/12/2016** hanga **06/01/2017** guyyoota 15 (kudha shan) guyyaa hojiifi sanbata xiqqaa dabalatee keessatti sa’aatii hojii Mootummaa fi sanbata xiqqaa sa’aatii 2:30 hanga sa’aatii 6:30tti Waajjira Komiishinicha Finfinnee Naannoo Boolee Alam Siniimaa **Gamoo Noah Real state darbii 7ffaa** irratti kan argamu kutaa Faayinaansii irraa ibsaa fi tarreeffama caalbaasii kanaaf qophaa’e sanada qarshii 200(dhibba lama) baankii Siinqii lakk. Herreega Baankii **1047921671211** irratti galii gotanii bitachuun gatii tokkoo guuttanii saanduqa caalbaasichaaf qophaa’etti galii gochuu dandeessu
- Caalbaasichi kan banamu gaafa guyyaa **07/01/2017** bakka dorgomtoonni ykn bakka bu’oonni argamanitti sa’aatii 5 galma waajjira Komiishinichaatti ta’a.

Hubachiisa

- Dorgomtoon caalbaasichaa seerota hin tuqamne kan Naannoo fi Federaalaa kabajuuf dirqama qabu.
- Mo’ataan guyyoota 15 (kudha shan) keessatti gatii bittaa ittiin bo’ate irraa %30 qabsiisuu qaba
- Komiishinichi Caalbaasicha guutummaan guutuutti ykn walakkaan haquuf mirga qaba **komiishinii Tuurizimii Oromiyaa.**

Wallaggaa

Caalbaasii

Godina Wallaggaa Bahaatti Waajjirri Maallaqaa Aanaa Sibuu Siree bara baajetaa 2017 tti manneen hojii Aanichaaf Meeshaalee Barreeffamaa Qulqulinaa, Elektirooniksii, Furnicharii, Uffataa Seeraa, Gommaa Konkolaataa fi Motarsaaykilii fi akumas Meeshaalee biroo waajjiralee mootummaaf tajaajilan dhiyeessitoota heyyama seera qabeesaa qaban Caalbaasii ifaatiin Wal-dorgommsiisee bituu barbaada.Kanaafuu dorgomtoonni ulaagaalee armaan armaan gadii guuttan akka dorgomanif afeeramtaniittu.

Ulaagaalee gautamu qaban

- Waraqaa heyyama hojii daldalaa bara 2016/2017 haaraa’ee fi waraqaa qulqullinaa gibira 2016 kan kanfalame ragaa dhiyeeffachuu Machuu kan damda’an.
- Galmaa’aa taaksii dabalata qabeenyaa (VAT) t’re ragaa dhayeeffachuu kan danda’an.
- Lakk. eenyummaa kallalaa gibiraa (TIN) kan qabanii fi ragaa dhiyeeffachuu kan danda’an.
- Waraqa ragaa gelmeeffama dhiyeesii meeshaalee mootummaa kan qabanii fi ragaa kan dhiyeessatan.
- Dogomtoonni ibsa tereffama meeshichaa W/ra Maallaqa Aanaa Sibuu Siree kutaa lakk. 5 qaabaan dhiyaatanii tokkoon tokkoo sanada caalbaasii kan hin deebinee qar. 50 (shantama) W/ra. Galiwwanii A/S/ Sireetti kanfaluun bitachuu ni danda’u.
- Beeksisi kun uwwisa Gaazexaa Kallacha Oromiyaa irratti guyyaa bahee kaasee guyyotaa hojii 15 keessatti yeroo hundaa sa’aatii hojii mootumaatti kooppii fi orijinaala adda baasuun postaa lamaan saamsitani qaama angoo qabuun mallattessuun chaappaa itti gochuun saanduqa call baasii dhimma kanaaf qophaa’ee keessa galchuu ni dandeessu.
- Dorgomtoonni kabachiisa caal baasiif gosa meeshaa dorgoman irratti tokkon tokkoosaaf qarshii 5,000. (kuma shan) fi farnichariif Qarshii 25, 000 (kuma digidamii shaa) CPO baankiin mirkanaa’e qabsiisuu qaba.
- Mo’ataan kabachiirsa waligalteef % 10 (dhibbantaa 10) baankin mirkanaa’e qabsisuun qaba
- Dorgamaan mo’ate guyya waamichi isaa taasifame kaaseeguyyoota hojii shan (5) keesatti W/ra Maallaqaa Aanaa Sibuu sireetti qamaan dhiyaatee waliigaltee mallatteessu qaba.
- Dhiyeessaan mo’ate meeshalee walii gala barbaadaame dunda hanga Waajjira Maallaqaa A/S/ Sireetti dhiyeessu kan danda’u ta’uu qaba.
- Waajjirchi meeshalee waliigala bituu irraa % 20 dabaluus ta’ee hir’ dhisuuf mirgi isaa kan eegame dha.
- Beeksisi kun uwwisa Gaazexaa Kallacha Oromiyaa irratti guyyaa bahee kaasee guyyoota hojii 15f gilleensarra kan turu yeroo ta’u gaafa 16 faa sa’aatii 3.30 irrattii sanduqaa caal-baasii ni saamsamaa guyyuma kana da’a 4:00 irrattii bakka dorgotoon ykn bakka bu’ ooni seera isaanii argamanitti kan baramuu ta’ee dorgomtoonni ykn bakka bu’oonni yoo argamuu bataaniis caalbaasicha banuu kan hindhoorkine ta’a.
- Qaamni bitta rawwatu haala fooyya’aa yoo argate caalbaasicha gar-tokken yka guutumman guutuutti haquudhaaf mirga qaba. Odeeffannoo dabalataaf Lakk. Bilb. Mob.09-12-00-12-54/09-11-79-59-87 bilbiluun ni dandeessu. Waajjira Maallaqaa Aanaa Sibuu Siree

Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Baalee

Caalbaasii Ifaa Bittaa Meeshaa Bara 2017

Godina Baalee Bahaatti Waajjirra Maallaqaa Aanaa Laga hidhaa Baajata Idilee bara 2017 tiin Meeshaalee Elektironiksii, Meeshaalee barreeffamaa,Meeshaalee dhumataa biiroo, Meeshaalee dhaabbataa biiroo, Meeshaalee qulqullinaa,Gommaa konkolaataa, Meeshaalee Ijaarsaa fi uffata seeraa hojjattota mootummaa Caalbaasiidhaan dorgomsiisee bituu barbaada

Ulaagaalee Dorgommii

Damee Hojichaatiin Hayyama seera qabeessa kan qabu

- Gibira bara 2016 kan kafalee fi hayyama daldalaa kan haaromse
- Ragaa Galmeessaa Vaatii /TOT/dhiyeeffachuu kan danda’uu
- Lakkofsa eenyummaa kafalaa Gibiraa TIN Number kan qabu
- Dorgomtoonni ragaalee Dokimantii Teeknikaa /Technical docment/ fi sanada gatii (Financial document) orjinaalaa fi koppii invilooppii adda addaa lamatti gargar saamsuudhaan maqaa fi mallattoodhaan mirkanaa’ee dhiyaachuu qaba
- Dorgomaan kamiyyuu tarree dhiyeessitootaarratti galmaa’ee ragaa dhiyeeffachuu qaba
- Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa caalbaasii maallaqa callaa qarshii 10,000/kuma kudhan/qofa CPO Baankii Daldala Itoophiyaa irraa kan mirkanaa’e qabsiisuu kan danda’u
- sanada caalbaasii dorgomtootaaa haqamaaa fi laaqama qabaachuu hinqabu
- Dorgomaan sanada caalbaasii guyyaa caalbasii qilleensarra oole irraa egalee Waajjira Galiwwaan Aanaa laga hidhaa irra Qarshii hin deebinee 200 { dhibba lama }kafalee sanada bitachuu ni danda’a.
- Guyyaan dorgommii beeksiifni Caalbaasii bahee guyyoota hojii walitti anaan 21 { digdamii tokko } qilleensa irra oolee gaafa guyyaa 22ffaa { digdamii lammaffaa } guyyaa hojii yeroo sa’aatii 3:30 tti saamsamee guyyama kana bakka dorgomtoonni ykn bakka bu’oonni xalayaa bakka bu’ummaa seeraa qaban jiranitti yeroo sa’atii 4:30 tti ni banama
- Dorgomaan caalbaasii kana moo’ate meeshaalee moo’ate hanga Waajirra Maallaqaa Aanaa Laga hidhaatti kan dhiyeessu ta’a
- Waajjirichi carraa biroo yoo argate dorgommii kana guutuun guutuutti ykn gar tokkeen haquu ni danda’a. Ragaa biroo yoo barbadaan lakk. bilbilaa 0910196243, 0912497160 ykn 0918923487 Waajjira Maallaqaa Aanaa Laga Hidhaa

Booranaa

Caalbaasii Yeroo 2^{ffaa} Bahe

Godina Booranaa Bahaa Waajjirri Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa Seekteera Magaalichaa keessatti argaamanif 1. Meeshaalee Elektirooniksii 2. Meeshaalee `Qulqullessaa 3. Meeshaalee Dhaabbii xixxiqqa biiroo keessa 4. Korboo (Gommaa) konkolaataa 5. Maxxaansaalee adda adda bara bajaata 2017 tiif caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbada. Kanafuu caal-baasii irraattii dorgomtootni hirmachuu barbadaan, bu’urumaa armaan gaditti ibsameen dhiyaatanii dorgomuu ni dandessu.

- Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin heeyyamaa daldalaa bara kan haromsame seera qabeessa ta’ee gibira Bara Kan ittin kaffalan, facaatii /list/ ragaa sanadootaa ittin galma’an fi Galma’a Faayinansii fi Ragaa lakkofsa TN fotoo kooppii isaa sanadaa caal-baasii walin qabsisaan dhiyyeesuu qabu.
- Dorgomtoonni dhiyaatan galma’aa taaksii dabaltaa (VAT)ykn TOT galmaa’uu isaanitiif ragaa fotoo kooppii dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Gaazeexaa kallaachaa Oromiyaa ba’ee eegalee guyyota hojii 15/ kudha shan/ keessaattii yeroo hundaa sa’aati hojii maallaqaa hin deebine qr. 200.00 (dhibba Lama) kaffaluun Adeemsa Hojii Bittaa fi Bulchinsa Qabeenyaa Tajaajila maraa puuli waajjira maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nageelleetii Booranaa dhiyaachuun sanadicha bitachuus ta’e galchus ni danda’u.
- Dorgomaan kaamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan olu gatii tilmammaa bittaa waligalaa % 1 maqaa waajjira maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nageelleetii Booranaa CPO Baankiidhaan mirkanaa’e ykn IMX yoo ta’an xalayaa deeggarsa qama isaan hundesse irraa sanada Orijinaala caalbaasicha waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
- Dorgomtootni sanada caalbaasichaa meeshaalee barreessaa, Hallu pirintaroota, faksii fi fotto koppii qulqullesaa,dhaabbii xixiqqa biiroo keessaa fi korbo konkolataa poostaa samiin saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun guyyaa 09 /01/2017 3:00 hanga sa’aati 6:00tti WM Bul.Magaalaa Nageellee Booranaatti Saanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasichi meeshaalee barreessaa,hallu pirintaroota faksii fi fotto koppii, qulqullesaa, dhaabbii xixiqqa biiroo keessaa fi korbo konkolaataa gaafa 09/012017 sa’aati 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma WM Bul.Magaalaa Nageellee Booranaatti keessatti banama.
- Dorgomtootni sanada caalbaasichaa Meeshaalee Eleektirooniksii, dhaabbi/Furniture/, motorri saayikiloota fi uffata seera hojjattoota mootummaa poostaa samiin saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun guyyaa 09/01/2017tti hanga sa’aati 6:00tti WM Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa Saanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasichi meeshaalee Eleektiroonksii, dhaabbii/Furniture/, motorri Saayikiloota fi bittaa uffata seera hojjattoota mootummaa guyyaa 09/01/2017 sa’aatii 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma xiqqaa Qajeelcha tajajiila mana Qopheessaa Bulchiinsaa Magaalaa Nageellee keessatti banama.
- Mo’ataan caal-baasii meeshalee ittiin mo’atee hundaa hangaa WM Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa dhiyeessuu dirqama qaba.
- Afaan caal-baasichii ittinii geggeeffamuu Afaan hojii mootummaa Naannoo Oromiyaattii.
- Waajjiricha filannoo fooyyee yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan eegamedhaa._Odeeffannoo dabalataaf_Lakk. Bil- 0464452289 ykn 0464451468 Wajjira Mallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Caalbaasii Ifaa bahe

Waajjirri Maallaqaa Godina Booranaa Bahaa manneen hojii mootummaa Godinicha keessatti argaamanif 1. Bittaa Meeshaalee Barreeffammaa 2. Bittaa uffata seera hojjattoota mootummaa 3. Meeshaalee qulqullinnaa 4. Meeshaalee Dhaabbii xixxiqqa waajjira keessaa 5. Korboo (Gommaa) konkolaataa, Motor saayikilootaa fi Baatirii 6. Meeshaalee Elektirooniksii 7. Meeshaalee dhaabbii /Furniture/ 8. Jijjiraa Meeshaalee konkolaataa fi 9. Gatii Harkaa suuphaa konkolaataa magaalaa Nageellee Booranaa, Magaalaa Hawassaa fi Shaashamannee bara bajaata 2017 tiif caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbaada. Kanaafuu caal-baasii kana irraatti dorgomtootni hirmachuu barbaaddan, bu’uruma armaan gadiitti ibsameen dhiyaattanii dorgomuu ni dandessu.

- Dorgomtootni kallattii hojii daldala isaaniitiin heeyyamaa daldalaa isaanii seera qabeessa ta’ee, facaatii dhiyyeesitoota/ supply list/ kennaa tajajila biyyaa keessaa ragaa sanadoota ittiin galma’an fi Ragaa lakkofsa TIN fotoo koppii isaa sanada caal-baasii waliin qabsisanii dhiyyeesuu qabu.
- Caal-baasii bara baajata 2017 irraatti hirmachuu akka danda’an Waajjira Galiwwannii irraa gibira bara Kan ittin kaffalan ragaa footoo kooppii dhiyeeffachuuf kan danda’an.
- Dorgomtoonni dhiyaatan galma’aa taaksii dabaltaa (VAT) ta’uu isaanitiif ragaa fotoo kooppii dhiyeeffachuu kan danda’aniif Bittaa mana hojichaaf dhiyyeessan keessaa VAT %7.5 irraa cite Sanduqaa mootummaattii galii ta’u isaa beekuun dirqama.
- Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Kun Gaazexaa Kallalcha oromiyaattii fi TV “OBN” irratt qilleensaraa bahe eegalee guyyoota hojii Mootummaa 15/ kudha shan/ keessattii yeroo hunda sa’aati hojii mootummaa maallaqa hin deebine qr. 200.00 (dhibba lama) kaffaluun Adeemsa Hojii Bittaa, Bulchinsaa fi Dhabbamsiisa Qabeenyaa Tajaajila puulii Walii galaa waajjira maallaqaa Godina Booarana Bahaa Gamoo G+1 lakk. 09 tti dhiyaachuun sanadicha bitachuus ta’e deebisuu ni danda’u.
- Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan olu gatii tilmamaa bittaa waligalaa %1 (tokko qofa) maqaa waajjira maallaqaa Godina Boorana bahaatiin CPO Baankiidhaan mirkanaa’e, Baankii Gaaraantii ykn IMX yoo ta’an bu’uraa Danbii Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa Naannoo Oromiyaa Dirirsuuf bahe lakk. 226/ 2014 xalayaa deeggarsaa qaama isaan hundeesse irraa Odeeffaannoo guutuu waajjira isaan gurmeeesse kan ibsuu fi caalbaasii irraattii dorgoman ibsudhaan sanada Orijinaalaa caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyeessuu dirqama qabu.
- Dorgommaan kaamiyyuu Ragaalee Orijinaala yeroo gaafatamee dhiyyeessuudhaaf fedhii kan qabu ta’u isaa beekun dirqama isaati.
- Dorgomtootni sanada caalbaasichaa 1.meeshaalee barreeffammaa, 2. qulqullesaa, 3. Dhaabbii xixiqqaa Waajjira keessaa 4. Uffataa seeraa hojjattoota Mootummaa 5. Korboo (Gommaa) konkolaataa, Motori saayikilootaa fi Baatirii 6.Meeshaalee Elektirooniksii 7. Meeshaalee dhaabbii /Furniture/ 8. Jijjirraa Meeshaalee konkolaataa fi 9. Gatii Harka supha konkolaataa magaalaa Nageellee Booranaa fi Magaalaa Hawassa ykn Shaashamannee poostaa saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun gaafa guyyaa beeksiisni kun qilleensa irraa olee egalee guyyaa hojii Mootummaa 16ffaa irratti hanga sa’aati 6:00tti Waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaatti Saanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasichi meeshaalee 1. Barreeffammaa, 2.qulqullesaa, 3.dhaabbii xixiqqa waajjira keessaa fi 4. Uffataa seera hojjattoottaa Mootummaa gaafa guyyaa beeksiisni kun qillensa irraa olee egalee guyyaa hojii Mootummaa 16ffaa sa’aati 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma xiqqaa Waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaa Gamoo G+2 lakkofsa 18 keessatti ni banamaa.
